


**YUUNIIVARSIITII ADDIS ABABAA  
QU'ANNOOLEE BARNOOTA DIGRII  
LAMMAFFAA**



**SAKATTAA RAKKOOLEE RAAWWII  
HOJII GAREE MANA BARUMSAA AMURUU  
SADARKAA LAMMAFFAA GOLA  
BARNOOTA AFAAN OROMOO IRRATTI  
GUFUU TA'AN**

**MARGAA DABALOO**

**ADOOLESSA 2007**

**FINFINNEE**

**SAKATTAA RAKKOOLEE RAAWWII  
HOJII GAREE MANA BARUMSAA AMURUU  
SADARKAA LAMMAFFAA GOLA  
BARNOOTA AFAAN OROMOO IRRATTI  
GUFUU TA'AN**

**WARAQAA QORMAATAA SAGANTAA  
DIGRII LAMMAFFAA BARNOOTA AFAANII  
FI BARRUU OROMOO GUUTUUF  
QOPHAAHEE YUUNIIVARSIITII ADDIS  
ABABAAF KAN DHIYAATE**

**MARGAA DABALOO**

**ADOOLESSA 2007**

**FINFINNEE**

## GALATA

Hunda dura, gorsasaanii daangaa hin qabnee fi hamilee na jaajjabeesu naa kennuu qofa utuu hin taane, yeroosaanii aarsaa godhanii nuffii tokko malee barreeffama kana dubbisuun yaada na ijaaru naa kennuun gargaarsa naa gochuusaaniif gorsaa koo Dooktor Mandiidaa Barkeessaa baay'iseen galateeffadha.


Akkasumas waajjiraalee banoota Godina Horroo Guduruu Wallaggaa fi Aanaa Amurruu, Supparvaayzaroota godinaa fi aanaa kanaa, hoggantoota, barsiisotaa fi barattoota Mana Barumsaa Amurruu Sadarkaa Lammaffaa odeeffannoo barbaachisaa ta'e waan naa kennanii fi marabbaa naa godhaniif galanni koo guddaa dha.

Hoggantoonni, barsiisonni fi barattoonni Mana Barumsaa Bishuufuu Sadarkaa Lammaffaa meeshalee odeeffannoon ittiin funaanaman akkan yaalladhu waan naa hayyamaniif, nan galateeffadha.

Rakkoo koo rakkachuun, gammachuu koo gammaduun, yeroo hunda humna hin laafnee fi bitimaa taatee jalqabaa hanga dhumaatti kan na cinaa dhaabbataa turte hadha manaa koo Aadde Balaaynesh Garbiif kabajinii fi jaalalli koo yeroo hunda isheef haa ta'u. Kana malees, ijoollee koo jaalatamtoota yaadaa fi hamilee naa kennaniif, isa kan kootiin isaan haa gahun jedha.

Yuuniiversiitiin Addis Ababaa fi Kooleejiin Riifti Vaalii gargaarsa maallaqaa fi yaadaa naa taasisuunsanii barnoota koo fiixaan baasuuf tumsa guddaa naa godheera. Kanaafuu, guddaan galateeffadha.

Dhuma irratti, Haadha koo Aadde Mulunash Bayyanaa, hiriyyoota koo Addunyaa Miidhaqsaa, Tashoomaa Dhaabaa, Tashoomaa Sayifuu, Obbolaan koo Raffisaa Dabaloo, Abbabaa Kabbadaa, Geetuu Garbii, Ilmaan koo Taakkalaa Guutaa, Fayyeeraa Taakkalaa, Galataa Gammachuu fi isaan biroon yeroon barumsarra ture yaada, maallaqaa fi meeshaadhaan waan gargaarsa naa godhaniif, galanni koo inni olaanaan isaaniif haa ta'u.



# Baafataa

## Qabiyyee

## Fuula

|                            |    |
|----------------------------|----|
| GALATA-----                | i  |
| BAAFATA-----               | ii |
| TARREE GABATEEWWANII ----- | v  |
| CUUNFAA -----              | vi |

## BOQONNAA TOKKO

|                                                     |   |
|-----------------------------------------------------|---|
| 1. Seensa -----                                     | 1 |
| 1.1. Ka'umsa -----                                  | 1 |
| 1.2. Rakkoolee Qu'annichi Irratti Xiyyeeffatu ----- | 5 |
| 1.3. Kaayyoo Gooroo Qu'annichaa -----               | 6 |
| 1.4. Gaaffilee Qormaatichaa -----                   | 6 |
| 1.4.1. Gaaffii Bu'uuraa Qormaatichaa -----          | 6 |
| 1.4.2. Gaaffilee Gooree -----                       | 6 |
| 1.5. Faayidaa Qu'annichaa -----                     | 7 |
| 1.6. Daangaa Qu'annichaa -----                      | 7 |
| 1.7. Hanqina Qu'annichaa -----                      | 8 |

## BOQONNAA LAMA

|                                                          |    |
|----------------------------------------------------------|----|
| 2. Sakattaa Barruu -----                                 | 9  |
| 2.1. Maalummaa Hojii Garee -----                         | 9  |
| 2.2. Akaakuu Hojii Garee -----                           | 11 |
| 2.3. Gurmaa'ina Barattootaa -----                        | 13 |
| 2.3.1. Gola Barsiisaatiin Hogganamu -----                | 13 |
| 2.3.2. Mala Hojii Gareetiin Barachuu fi Faayidaasaa----- | 14 |
| 2.3.2.1. Mala Hojii Gareetiin Barachuu -----             | 14 |
| 2.3.2.2. Faayidaa Hojii Garee -----                      | 15 |



|                                                                          |    |
|--------------------------------------------------------------------------|----|
| 2.4. Rakkoolee Hojii Garee -----                                         | 20 |
| 2.5. Qaamolee Raawwii Hojii Garee Keessatti Gahee Murteessaa Qaban ----- | 23 |
| 2.5.1. Gahee Barsiisaa -----                                             | 23 |
| 2.5.2. Gahee Barataa -----                                               | 25 |
| 2.5.3 Gahee Sirna Barnootaa -----                                        | 25 |

## BOQONNAA SADI

|                                                                          |    |
|--------------------------------------------------------------------------|----|
| 3. Wixinee fi Mala Qormaatichaa -----                                    | 27 |
| 3.1. Wixinee -----                                                       | 27 |
| 3.2. Mala Qormaatichaa -----                                             | 28 |
| 3.3. Maddoota Ragaalee -----                                             | 28 |
| 3.4. Tuuta Iddattoo fi Haxa Iddatteessuu -----                           | 28 |
| 3.4.1. Tuuta Iddattoo -----                                              | 28 |
| 3.4.2. Haxa Iddatteessuu -----                                           | 29 |
| 3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanamuu fi Adeemsasaa -----             | 30 |
| 3.5.1. Meshalee Ragaan Ittiin Funaanamu -----                            | 30 |
| 3.5.2. Adeemsa Funaansa Ragaa -----                                      | 30 |
| 3.6. Qindaa'inaa fi Dhiyeessa Gaafannoo Barsiisotaa fi Barattootaa ----- | 30 |
| 3.6. 1. Qindaa'ina Gaafannoo Barsiisotaa fi Barattootaa -----            | 30 |
| 3.6.2. Dhiyeessa Gaafannoo Barsiisotaa fi Barattootaa -----              | 31 |
| 3.7. Do'ii Daree -----                                                   | 32 |
| 3.8. Gaaffii fi Deebii -----                                             | 33 |
| 3.9. Mala Qaaccessa Ragaa -----                                          | 33 |

## BOQONNAA AFUR

|                                                                                   |    |
|-----------------------------------------------------------------------------------|----|
| 4. Ragaalee Dhiyeessuu, Qaaccessuu Fi Ibsu-----                                   | 35 |
| 4.1. Odeeffannoo Dimshaashaa/ Dhuunfaa Deebistootaa-----                          | 35 |
| 4.2. Fedhii fi Jaalala Barattoonni Gareedhaan Barachuuf Qaban -----               | 37 |
| 4.3. Gahinsa Leenjii fi Muuxannoo Akkasumas Fedhii fi Kaka'umsa Barsiisotaa ----- | 43 |

|                                                                           |    |
|---------------------------------------------------------------------------|----|
| 4.4. Qophiin Meeshaalee Sirna Barnootaa Afaan Oromoo Mala Hojii Gareetiin |    |
| Barsiisuuf Hangam akka Mijaahu. -----                                     | 47 |
| 4.5. Gurmaa'inni Gola Barnootaa Mala Baruu fi Barsiisuu Hojii Gareetiin   |    |
| Barnoota Afaan Oromoo Barsiisuuf Hangam Akka Mijaahu -----                | 51 |
| 4.6. Dhiibbaa Baay'inni Barattootaa Gola Barnoota Tokko Keessaa Mala      |    |
| Hojii Gareetiin Baruu fi Barsiisuu Irratti Qabu -----                     | 56 |
| 4.7. Malli Baruu fi Barsiisuu Hojii Garee Qulqullina Barnoota             |    |
| Afaan Oromoo Hangam Akka Eegsisu-----                                     | 57 |
| 4.8. Rakkoolee Gurguddoo Barsiisotaa fi Barattootaan Eeramani             |    |
| fi Furmaatasani -----                                                     | 59 |
| 4.8.1 . Rakkoolee Gurguddoo-----                                          | 59 |
| 4.8.2. Furmaata Rakkoolee Gurguddoo -----                                 | 61 |

## BOQONNAA SHAN

|                                             |    |
|---------------------------------------------|----|
| 5. Gudunfaa, Xumuraa Fi Yaboo -----         | 63 |
| 5.1. Gudunfaa -----                         | 63 |
| 5.2. Xumura -----                           | 69 |
| 5.3. Yaboo -----                            | 72 |
| <b>Kitaabota Wabii</b> -----                | 76 |
| <b>Dabaleewwan</b> -----                    | 79 |
| Dabalee - A: Gaafannoo Barsiisotaan Guutamu |    |
| Dabalee - B: Gaafannoo Barattootaan Guutamu |    |
| Dabalee - C: Mirkaneeffata Do'ii Daree      |    |
| Dabalee - E: Qajeelfama Gaaffii fi Deebii   |    |

# Tarreeffama Gabateewwanii

| Qabiyyee                                                                                                                | Fuula |
|-------------------------------------------------------------------------------------------------------------------------|-------|
| Gabatee 4.1: Saala, Umrii, Sadarkaa Barnootaa fi Muuxannoo Deebistootaa-----                                            | 35    |
| Gabatee 4.2: Gareedhaan Barachuuf Fedhii fi Hirmaannaa Barattootaa -----                                                | 38    |
| Gabatee 4. 3: Fedhii fi Hirmaannaan Barattootaa Sababii Iitti Gadi Aanaa Ta'e -----                                     | 39    |
| Gabatee 4.4: Hojii Garee Irratti Hirmaannaa Wal Qixa Qabaachuu Barattootaa-----                                         | 40    |
| Gabatee 4. 5: Barsiisonni Barattootasaanii Hangam Akka Sissi'eessan-----                                                | 42    |
| Gabatee 4. 6: Gahinsa Leenjii Barsiisonni Mala Hojii Gareetiin Barsiisuuf Qaban -----                                   | 44    |
| Gabatee 4. 7: Gahinsa Muuxannoo Barsiisonni Mala Hojii Gareetiin<br>Barsiisuuf Qaban -----                              | 45    |
| Gabatee 4. 8 : Mala Hojii Gareetiin Barsiisuuf Mijaahina Qophii Sirna Barnootaa<br>Irratti Deebii Barattootaa-----      | 48    |
| Gabatee 4. 9: Mala Hojii Gareetiin Barsiisuuf Mijaahina Sirna Barnoota<br>Afaan Oromoo Irratti Deebii Barsiisotaa ----- | 49    |
| Gabatee 4. 10 : Hojii Garee Gaggeessuuf Mijaahina Gola Barnootaa-----                                                   | 51    |
| Gabatee 4.11: Sababiiwwan Mijaahina Dhabuu Gola Barnootaa -----                                                         | 52    |
| Gabatee 4. 12: Akkaataa Taa'umsa Barattootaa -----                                                                      | 53    |
| Gabatee 4. 13: Dhiibbaa Baay'inni Barattootaa Hojii Gareetiin Barsiisuu<br>Irratti Qabu -----                           | 55    |
| Gabatee 4.14: Hojiin Garee Qulqullina Barnoota Afaan Oromoo<br>Hangam Akka Eegsisu -----                                | 57    |

# Cuunfaa

*Kaayyoon qormaata kanaa inni guddaan Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa Lammaffaa gola Barnoota Afaan Oromoo kutaa sagal keessatti rakkoolee dalagaa hojii garee gufachiisan sakatta'uudhaan qu'annaa fi qormaataan addaan baasuu fi yaada furmaataa kennuu dha.*

*Manni barumsaa qu'annoon irratti gaggeefames sababiin filatameefii qorataan kun dhimma supparvijinii barnootaaf yeroo Oromiyaa keessa naanna'aa turetti rakkoon hojiirra oolmaa mala baruu fi barsiisuu manneetii barnootaa sadarkaa 2ffaa keessa akka ture odeeffannoo waan argatee fi rakkoo kanas qu'annaa fi qormaata saayinsaawwaa ta'een mirkaneessuuf, odeeffannoon ka'umsaa argama abdiin jedhu waan jiruufi. Kutaan sagalis qabanni akka filatamu ta'eefii muuxannoo barattoonni gama hojii gareetiin sadarkaa tokkoffaa keessaa fidatanii dhufan hangam sadarkaa amma irra jiran keessatti akka isaan gargaare xiinxaluu fi barnoota itti aanuuf hangam akka isaan qopheessu madaahuufi. Qormaata kanas gaggeessuuf malli baay'ina ragaalee agarsiisuu fi ibsuu (descriptive) tajaajila irra ooleera. Ragaalee walitti qabuufis gaafannoon barsiisotaa fi barattootaaf kan qophaahe yoo ta'u, odeeffannoo dabalataa argachuuf immoo mirkaneeffatni do'ii daree fi qajeelfamni gaaffii fi deebii hojiirra akka oolan ta'eera. Kana malees, naannoo sanaa fi hojjetoota barnootaa waan beekuuf, odeeffannoon gahaa fi barbaachisaa ta'e argama jedhee waan abdateefi. Waan ta'eef,, akka madda ragaatti barattoonni, barsiisonni, hoggantoonni mana barumsaa fi supparvaayzaroonni sadarkaa aanaa fi godinaa dhimmichi kallattiin waan isaan ilaaluuf beekaa (purposely) filatamaniiru.*

*Argannoon qu'annaan kanaa fedhii fi hirmaannaan barattootaa dalagaa hojii garee irratti gadi aanaa ta'uu; leenjii, muuxannoo fi kaka'umsi barsiisotaa gahaa ta'uu dhabuu; gurmaa'inni gola barnootaa fi gola tokko keessatti baay'inni barattootaa raawwii hojii garee irratti gufuu ta'uu; qophiin sirna barnoota Afaan Oromoo mala hojii gareetiin barsiisuuf mijaahaa akka ta'ee fi mala hojii gareetiin baruu fi barsiisuun qulqullina barnoota Afaan Oromoo akka eegsisu agarsiisa.*

*Rakkoolee mul'atan kana furuufis barsiisonni barattootasaanii mala hojii gareetiin barachuun bu'aa qabeessa ta'uusaa akka hubachiisanii fi jajjabeessan, deggarsa barbachisus utuu kennanii daansa. Kana malees, leenjii barsiisotaa irratti hanqina jiru furuuf, leenjii gaggabaabaa fi gannaa kennuu fi sadarkaan barnootasaanii akka fooyya'u gochuun ni mala. Itti dabalees, sababii barsiisonni dhaabbilee leenjii barsiisotaatii leenji'anii erga hojiitti bobba'anii booda mala hojii gareetiin barsiisuuf hanqina qabaachuu isaanii irratti qu'annoon addaa gaggeefamuu qaba. Gurmaa'inni gola barnootaa fi baay'inni barattootaa marabbaa dhimmamtoota hundaatiin akka furamuu qabuu fi qindaa'inni sirna barnootaa, adeemsa baruu fi barsiisuu Barnoota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Amuruu akka fooyyessuu danda'u yaanni furmaataa dhiyaatee jira.*

# BOQONNAA TOKKO

## 1. Seensa

### 1.1. Ka'umsa

Kaayyoon barnootaa inni duraa lammii beekumsaa fi dandeettii qabu, of amanu, itti gaafatamummaa kan fudhatu, guddina biyyaaf kan tumsuu fi jiruu fi jireenya hawaasa keessatti dhalatee fi keessa jiraatu kan jijjiiru uumuu akka ta'e hin mamsiisu. Misoomni qabeenya humna namaa haal-duree bu'uuraa ijaarsa biyyaa akka ta'e Temesgen (2006:1) Chowdhury fi Chowdhury wabeeffachuun ni addeessa. Bu'aa qabeessummaa yookaan bu'aa dhabeessummaan barnootaa immoo haalotaa fi wantoota wal xaxoo adeemsa barnootaa fi qabatama mana barnootaa irratti hundaa'a. Kana wajjin wal qabatee, fedhii fi kaka'umsi barattootaa, leenjii fi muuxannoon barsiisotaa fi tooftaa barnoonni itti dhiyaatu, haala qophii sirna barnootaa, gurmaa'inni mana barnootaa fi kurfaa'inni barattootaa bu'aa barnootaa argamuu qabu irratti dhiibbaa gaarii yookaan badaa qaqqabsiisuu danda'u.

Barnoonni gurmaa'ee fi qindaa'ee dhiyaatu misooma humna namaa argamsiisuun guddina biyya tokkoo dhugoomsa. Jiruu fi jireenya barataa, maatii barataa fi hawaasaa fooyyessa. Gama kanaan Chowdhury fi Chowdhuryin, (2002:89), bifa itti aanuun yaada kennu.

*The development of human resource is a basic pre-requisite for nation building. Children constitute the most important base of human resource endowment. This realization has generated immense interest and creative thinking in the field of child development and education. Children need worthwhile skills and experiences to become competent and responsible citizens that benefit themselves, their parents and the country at large. This calls for an organized and meaningful education.*

Hojiin barnootaa karoora fi sagantaadhaan akka haala qabatamaa biyyoota adda addaatti kan gaggeeffamu yommuu ta'u, akkaataan itti dhiyaatus guddachaa fi fooyya'aa dhufeera. Haaluma kanaan, carraa barnootaa qulqullina qabu wal geessisuu keessatti faayidaan mala baruu fi barsiisuu olaanaadha. Keessattuu, mala baruu fi barsiisuu barataa gidduu-galeessa godhatetti fayyadamuun mala ammayyaa akka ta'ee fi hirmaannaa si'aa'ina qabu barattoota akka gonfachiisu qormaanni ni agarsiisa. Fakkeenyaaf, Richardsii fi Rogers (2001: 192) gamtaadhaan



yookaan gareedhaan barachuun kan irra caalaa cimee qaama hojii barsiisaa ta'aa dhufe baroota 1960 fi 1970 keessa biyya Ameerikaa keessatti akka ture addeessu. Haalli biyya keenyaas yeroonsaa galmaayee jiraachuu haa dhabu malee, haala qabatamaa addunyaatiin ala ta'uu hin danda'u.

- Biyya keenya keessatti yeroo ammaa baay'inni mana barnootaa fi hirmaannaan barattootaa akka dabale gabaasni barnoota qaamoolee mootummaa bara baraan ni agarsiisa (Muuxannoo koo). Haa ta'u malee, qulqullina barnootaa irratti rakkoon akka mul'atu gabaasni barnootaas haa ta'u, qaamoleen garaagaraa ni kaasu. Waan ta'eef, rakkoon qulqullina barnootaa maal irraa akka maddu beekuun ni mala. Gama kanaan, qulqullina barnoota eegsisuuf gosni mala baruu fi barsiisuu hojii irra oolu murteessaadha. Malleen baruu fi barsiisuu keessaa immoo gareedhaan barachuun bu'aa guddaa akka qabu ogeeyyiin adda addaa ni ibsu. Fakkeenaaf, Pollard, A. ( 2002: 229) akkas jedha.

*This is (group work) often recommended for developing social and language skills and as a means by which children can support, challenge and extend their learning together, for example, in searching CD-ROM encyclopaedias for information or through problem-solving or work on a creative task. Group work can provide researchers with opportunities to observe children's learning more closely and, through questioning or providing information, to support them as they move forward to new knowledge, skills or understanding .*

- Akka yaada kanaatti, barattoonni dandeettii afaanii fi hawaasummaa akka guddifatani fi wal faana ta'uudhaan akka wal gargaaran, rakkoo hiikanii fi barnootasaanii akka saffisiisan gareedhaan barachuun akka isaan gargaaru hubanna. Hojiin garee qoarattootaafis carraa barattootatti dhiyaatanii hordofuu fi madaaluu akka argamsiisu hubachiisa.

Girmaan (2003:107), kan Ellis (1995) yaada Long, Mcleanii fi Castanos warabee dhiyeesse waraabuun, "...group work provides more opportunities for language production and greater variety of language use," jechuun faayidaa hojii garee daran agarsiisa.

Barattoota gola barnootaa keessatti argaman garee xixiqqootti hiruun carraa wajjin hojjechuu fi wal mariyachuu barattoota jidduutti uumuun haala hawaasummaa mana barnootaan ala jiruu fi

qabatama gola barnootaa wal simsiisuu akka ta'ee fi wanta barattoota gola guutuu irraa hin argamne akka miseensonni garee argatan kan gargaaru ta'uusaa Brumfitis (1979:73-74) ni eera.

*Putting students into small groups in the classroom will both open up for them possibilities of interaction which are not normally available in a whole-class approach, and also make demands on them which - while they are difficult to specify precisely - will force a closer integration of language with social behaviour than would otherwise be possible, in a way compatible with our view of language acquisition and use.*

Walumatti qabaatti, marii fi hojiin garee, barattoonni sodaa malee mata-duree kennameefi yookaan yaada irratti mariyatan gadi fageenyaan akka hubatan, ofitti amananii akka dubbatanii fi yaada dhiyeessan , adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti si'aa'inaan akka hirmaatan, mala waliin ta'anii rakkoo hiikuu fi naamusaan wal caqasuu fi walirraa barachuu akka gonfachiisu Longii fi Porter (1985: 208-212), Girma Gezahegni (2003:106-7), Rod Ellisii (1994:599) fi Nunan (1988: 83) ni ibsu.

Naannoo Oromiyaa keessattis waggootan kurnaan darban xiyyeeffannoo guddaan carraa barnootaa waliin gahuu irratti daran xiyyeeffatee waan tureef, mala hirmaachisaa ta'een barsiisuun qulqullina barnootaa eegsisuu irratti hamma barbaadamu hin hojjetamne (muuxannoo koo). Malli baruu fi barsiisuu barattoota sissii'eessaa hirmaachisuu fi barattoonni akka wal gargaaraa baratan taasisu yoo hojiirra oole, garuu, qulqullina barnootaa eegsisuu irratti tumsa guddaa godha. Gama kanaan, mala hojii gareetiin barachuunis hanga danda'ametti barsiisotaa fi barattootaan qindaa'ee fi gurmaa'ee yoo dhiyaate bu'aa argamsiisuu danda'a.

Yeroo ammaa sabaa fi sab-lammoonni biyya kanaa afaan isaaniitiin akka hojjetanii fi baratan chaartarri mootummaa cehumsaa, heerri mootummaa fi imaammanni barnootaa ni mirkaneessu. Afaan Oromoos afaanota carraa kana argatan keessaa isa tokko. Erga afaan hojii fi barnootaa ta'ees waggoota 14 lakkoofsiseera. Xiyyeeffannoon qormaata kanaas Afaan Oromoo akka barnoota tokkootti manneetii barnootaa sadarkaa 2ffaa keessatti haala kamiin kennamaa akka jiru, keessattuu mala baruu fi barsiisuu hojii gareetiin barsiisuu irratti rakkoolee jiran qormaataan addaan baasuu fi furmaata kennuu dha.

Afaan Oromoo sadarkaan amma irra jiru baay'ee gammachiisaa fi amansiisaadha jechuun ni danda'ama. Yeroo ammaa akka afaan barnootaatti manneetii barnootaa sadarkaa tokkoffaa (1-8), dhaabbata leenjii barsiisotaa, koollejjii barsiisota mootummaa fi dhuunfaa keessatti sadarkaa dippiloomaa fi digirii duraatiin, yuuniivarsiitiiwwan mootummaa keessatti immoo sagantaa digrii duraa fi lammataatiin akka afaan barnootaatti tajaajila kennaa jira. Akka barnoota tokkootti immoo, barnoota sadarkaa tokkooffaa irraa eegalee hanga barnoota sadarkaa lammaffaatti baratamaa jira.

Karaa biraa immoo, Afaan Oromoo akka afaan hojiitti Oromiyaa guutuu keessatti itti hojjetamaa jira. Qaamoleen bulchiinsa mootummaa, dameeleen waajjiralee adda addaa fi dhaabbileen miti mootummaa fi hawaasaa haajaasaanii kan hawaasummaa, kan dinagdee fi kan siyaasaa ittiin raawwaataa jiru.

Haa ta'u malee, malaa fi akkaataa Afaan Oromoo ittiin hojjetamuu fi barsiifamu irratti qu'annaa fi qormaatni barbaachisaa ta'e hin taasifamne. Garuu, akka qopheessaa sirna barnoota Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaatti (muuxannoo koo), haalli sirni barnootaa itti qophaaye mala hirmaachisaa fi wal quunnamsiisaa ta'een ture. Ta'us qophiinii fi hawwiin qopheessitoota sirna barnootaa raawwii barsiisotaa fi barattootaa, akkasumas gurmaa'ina manaa fi gola barnootaa wajjin wal simachuu baannaan bu'aa qabeessa ta'uu hin danda'u. Haalli qophiin silabasii, kitaabni barataa fi qajeelchi barsiisaa itti qophaanii fi akkaataa barnoonni itti dhiyaatu jidduu qaawwi jira taanaan, adeemsi baruu fi barsiisuu saakarraa'aadha jechuudha. Kaayyoon qophii sirna barnootaa fi akeekni barnootaa barbaadames galma hin gahu.

Fakkeenyaaf, kitaaba barataa kutaa 9 fudhannee ilaaluu dandeenya. Kitaaba kana keessa boqonnaalee 23tu jiru. Boqonnaalee kanneen keessaa boqonnaalee 18 kan ta'an jala shaakallii fi gilgaalonni 32 ta'an hojii gareetiin akka barataman qopheessitoota sirna barnootaatiin kan wixinamanidha. Garuu hangam hojiirra akka oolani fi hin oolle ragaan mirkaneessu hin jiru. Hanqinnii fi ciminni jiru qaaceffamee qaamolee caasaa barnoota Oromiyaatiin mirkanaa'es sadarkaa kamirrattuu argachuun hin danda'amne. Waan ta'eef, dhugaa qabatamaan manneetii barnootaa sadarkaa 2ffaa keessa jiru hubachuun, rakkoo adeemsa baruu fi barsiisuu mudatu jedhamanii tilmaamaman qormaataan mirkaneessuudhaan beekuuf furmaata kennuun ni mala.

Adeemsi kun immoo barattoonni, barsiisonnii fi qopheessitoonni sirna barnootaa bu'aa akka irraa argataniif daran ni tumsa.

Kana malees, qophii kitaabaa keessatti malli hojii gareetiin barsiisuu dhiyaate jechuunis qabatamaan hojiirra oole jechuu miti. Sababiinsaas wantoonni raawwii hojii garee irratti dhiibbaa qaban hedduu ta'uu waan danda'aniifi. Keessattuu, barsiisonni sirna barnootaa qophaahe gola barnootaa keessatti hojiitti jijjiiruuf adda durummaan kan hiriiran waan ta'eef, sochii bal'aa fi cimaatu irraa eegama. Haa ta'u malee, leenjii, muuxannoo fi amantaan isaan qaban raawwiisaanii daangessuu danda'a. Itti dabalees, gurmaa'inni barattootaa fi mana barnootaa raawwii hojii garee irratti dhiibbaa qabaachuu danda'a.

Rakkoolee kana ka'umsa godhachuudhaan haala hojiin garee Mana Barumsaa Amurruu Sadarkaa 2ffaa gola barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti gaggeeffamaa jiruu fi rokkoolee hojii garee kana irratti gufuu ta'an qu'annaa fi qormaataan addaan baasanii qaaccessuu, ibsuu fi yaada furmaataa kennuun amantaa qu'ataa fi qorataa kanaati. Argannoo qu'annaa kanaarraas manneettiin barnootaa biraan yaada ka'umsaa argatu abdiin jedhu jira.

## **1.2. Rakkoolee Qu'annichi Irratti Xiyeeffatu (Statement of the Problem)**

Jijjiiramaa fi guddina hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaaf barnoonni bitimaa akka ta'e ni amanama. Kun immoo kan dhufuu danda'u humna namaa barsiisuu fi leenjisuudhaani. Humni namaa leenji'ee fi hojiif qophaahe immoo jiruu fi jireenya fooyya'aa fi sadarkaa eege qabaachuusaa irrayyuu, guddinaa fi misooma biyyaa keessatti gahee olaanaa taphata. Humna namaa leenji'ee fi qarama argachuuf immoo bu'uurri yookaan raacatiinsaa barnoota akka ta'e hin mamsiisu. Kanaafuu, barnoonni beekumsa, odeeffannoo, dandeettii fi ogummaa gonfachiisuuf meeshaa guddaa ta'uunsaa ni beekama. Waan ta'eef, kaayyoo fi galiin barnootaa qabeenya humna namaa misoomsuudha.

Haa ta'u malee, beekumsaa fi dandeettiiwwan gama barnootaatiin argaman kana haala gaarii fi barbaachisaa ta'een argachuuf, malli barumsi itti dhiyaatu murteessaadha. Karaa kanaan, malli baruu fi barsiisuu hojii garee iddoo guddaa qaba. Malli hojii garee barattoota gidduu galeessa godhachuun hirmaannaa barattootaa waan cimsuuf, qulqullina barnootaa eegsisuu irratti tumsa



guddaa godha. Kanaafuu, adeemsa baruu fi barsiisuu hojii garee milkeessuu irratti wantoota dhiibbaayaraa ta'an sakatta'uudhaan kallattii itti fooyya'insi argamuu danda'u argannoo qu'aannaa fi qormaataa irrattii hundaa'uun xiyyeeffachiisuu dha. Marumatti, barnoota sadarkaa 2ffaa keessatti barattoota sadarkaa olaanaaf qopheessuu fi barnoota qulqullinaa fi ga'insa qabu gonfachiisuuf, adeemsaa fi gurmaa'ina barnootaa xiinxaluudhaan yaada furmaataa dhiyeessuun ni mala.

Waan ta'eef, haala mala baruu fi barsiisuu hojii garee mana barumsaa qu'annaaf filatame kana irraatti qu'annaa gaggeessuudhaan firiisaa agarsiisuun xiyyeeffannoo qu'annaa kanaa ti. Imaammanni barnootaas adeemsi baruu fi barsiisuu barataa giddu-galeessa godhate hirmaachisaa ta'ee fi mala rakkoo hiikuutiin barnoota dhiyeessuun lammii bor biyyaa misoomsuu fi ijaaru horachuuf bu'uura akka ta'e ni eera. Gama kanaan, kenninsa barnoota Afaan Oromoo manneetii barnootaa sadarkaa 2ffaa keessatti gaggeeffamaa jiru odeeffannoo qabatamaa ta'e irratti hundaa'anii xiinxaluun barbaachisaa dha.

### **1.3. Kaayyoo Gooroo Qu'annichaa ( Main Objective of the Study)**

Naannoo Oromiyaa, Godina Horroo Guduruu Wallaggatti, Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa 2ffaa, gola barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti raawwii hojii garee wantoota gufachiisan sakatta'uudha. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qormaata kanaa adeemsa raawwii hojii garee wantoota gufachiisan sakatta'uun ragaadhaan mirkaneessuu, argannoosaa qaaccessuu fi yaada furmaataa kennuun faluudha.

### **1.4. Gaaffilee Qormaatichaa ( Research Questions )**

#### **1.4.1. Gaaffii Bu'uura Qormaatichaa (Basic Research Question)**

Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa 2ffaa, gola barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti dalagaa hojii garee raawwachuuf wantoonni gufuu ta'an maal maal fa'i ?

#### **1.4.2. Gaaffilee Gooree (Specific Questions)**

1. Barattoonni man barnoota kanaa mala baruu fi barsiisuu hojii gareetiin Afaan Oromoo barachuuf hirmaannaa fi fedhiin isaan qaban maal fakkaata?
2. Mala hojii gareetiin Afaan Oromoo barsiisuuf leenjii, muuxannoo, fedhii fi kaka'umsi



barsiisota mana barumsa kanaa maal fakkaata?

3. Qophiin meeshaalee sirna barnootaa mala hojii gareetiin barsiisuuf hangam mijaahaa dha?
4. Gurmaa'inni gola barnoota mana barnootichaa gareedhaan barachuu fi barsiisuuf mijaahaa dhaa?
5. Baay'inni barattootaa mala hojii gareetiin baruu fi barsiisuu irratti hangam rakkoo uuma?
6. Malli baruu fi barsiisuu hojii garee barnoota Afaan Oromoo qulqullinaan barachuuf hangam tumsa?

### **1.5. Faayidaa Qu'annichaa ( Significances of the Study)**

Bu'aan qu'annoo kana irraa argamu qaamolee itti aananiif faayidaa qaba.

1. Hojii garee ilaalchisee barsiisonni, dura taa'onni mana barnootaa, supparvaayzaroonnii fi ogeeyyiin barnootaa odeeffannoo barbaachisoo ta'an argatanii mala gareedhaan baruu fi barsiisuu akka tumsan ni gargaara.
2. Barsiisonni faayidaa hojii gareerraa argamu akka daran hubatanii fi amananii hojiirra oolchaniif ni fayyada.
3. Qopheessitoonni sirna barnootaa argannoo qu'annaa kanarraa ka'uun, qophiin sirna barnootaa hojii gareef bifa mijaa'uun qopheessuuf yaada ka'umsaa argatu.
4. Walitti dhufeenyaa fi gareedhaan hojichuu barsiisotaa fi barattootaa cimsuuf bu'uura fi ka'umsa ta'uu danda'a.
5. Qu'annaan kun qormaata gara fuula duraatti Afaan Oromoo si'aa'inaan barachuu ilaalchisee gaggeeffamuuf ka'umsaa fi bu'uura ta'a jedhamee yaadama.

### **1.6. Daangaa Qu'annichaa (Delimitation of the Study)**

Qu'annoon kun Naannoo Oromiyaa, Godina Horroo Guduruu Wallaggaa, Aanaa Amuruu, Magaalaa Oborraa, Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa 2ffaa keessatti gaggeeffame. Sababiin manni barumsaa kun filatameefis naannoosaa fi hojjettoota barnootaa waanan beekuuf, odeeffannoo gahaa fi barbaachisaa ta'e argachuu danda'a jedhee waanan amanee fi dhimma supparvijiniif jecha yeroon Oromiyaa kessa deddeebi'aa turetti rakkoolee mala baruu fi barsiisuu irratti mul'ataa turan ka'umsa godhachuun ture. Rakkoolee kana immoo qu'annoo saayinsaawaa ta'een qoratani mirkaneessuuf ragaan mana barumsa kana irraa argamu akka ka'umsaatti tajaajila jedhamee fudhatamee ti.

Oromiyaa keessa bara 2005/2006tti manneetiin barumsaa sadarkaa 2ffaa 181 ta'antu ture (Educational Statistics Annual Abstract of Oromia Education Bureau, 2006). Kana keessaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessa manneetii barnootaa sadarkaa 2ffaa 7tu ture. Haa ta'u malee, qu'annaa kana hunda isaanii keessatti gaggeessuun sababii hanqina yeroo fi maallaqaatiin hin danda'amne. Haaluma kanaan, qu'annaa fi qormaanni kun Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa 2ffaa, Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa irratti xiyyeeffatamee akka hojjetamu daangeffameera. Kutaan sagal sababiin filatameefii immoo, muuxannoo barattoonni barnoota sadarkaa 1ffaa keessaa fidatanii dhufan, sadarkaa barnootaa amma keessa jiraniif hangam tumsaa akka jiruu fi muuxannoon gareedhaan baruu fi barsiisuu kutaa sagal keessatti hojiirra oolaa jiru barnoota egereef hammam barattoota akka qopheessaa jiru xiinxaluufi. Bal'ina qu'annichaa haala kanaan daangessuun immoo hojiinsaa akka garmalee hin bal'annee fi bifa qulqullinaa fi mijaahaa ta'een akka xumuramuuf waan gargaaruufi.

### **1.7. Hanqina Qu'annichaa (Limitation of the Study)**

Manneetiin barnootaa sadarkaa lammaffaa hedduun Naannoo Oromiyaa fi Godina Horroo Guduruu Wallaggaa keessa jiraatan illee, qu'annaan kun sababii xiqqeenya maallaqaa fi yerootiin mana barumsaa hunda keessatti gaggeessuun hin danda'amne. Kanaafuu, Mana Barumsaa Amuruu Sadarkaa 2ffaa irratti xiyyeeffatamee akka hojjetamu ta'eera. Waan ta'eef, bu'aan yookaan argannoon qu'annaa kanaa akka ka'umsaatti kan fudhatamu malee, manneetii barnootaa hunda irratti hojjeta jechuu miti. Kana malees, mala baruu fi barsiisuu afaan dhalootaa, keessattuu Afaan Oromoo, ilaalchisee qu'annoo fi qormaanni adda addaa irratti gaggeeffamanii akka madda odeeffannootti kan tajaajilan gahinsaan argachuu hin dandeenye. Waan ta'eef, yaada qu'annichaa gadi fageenyaa fi bal'inaan qaaccessuuf, gudunfuu fi yaada furmaataa kennuu irratti hanqina qaba. Itti dabalees, Afaan Oromoo erga waggoota 14 as afaan barnootaa fi hojii ta'ullee, gama qu'annaa fi qormaataatiin xiinxalamee jechoonni filatamanii hin waaltofne; ulaagaan hin teenye. Haala kanaan, akkaataan barreeffama kanaa fi jechoonni qu'annaa kana keessatti tajaajilarra oolan muuxannoo qu'ataa fi barsiifata waggoottan darban keessa hojiirra oolan waan ta'eef, ogeeyyii hunda biratti fudhatamuu dhiisuu danda'u inni jedhu hanqina biroota.

# BOQONNAA LAMA

## 2. Sakattaa Barruu

### 2.1. Maalummaa Hojii Garee

Sirna (siistamii) barnootaa tokko keessatti akkaataa barnoonni itti kennamu qulqullinaa fi gahinsa barnootaa eegsisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kaayyoo barnootaa galmaan gahuuf, malli barnoonni itti dhayaatu murteessaadha. Barnoonni immoo tooftaalee adda addaatiin dhiyaata. Tooftaalee kana keessaa tokko mala marii fi hojii gareetiin barsiisuuti. Hojii barnootaa keessatti malli baruu fi barsiisuu gahee olaanaa akkuma qabu, hojiin garees mala baruu fi barsiisuu keessatti iddoo guddaa qaba. Hojiin garee mala ammaayyaatiin barumsa kennuu akka ta'e ogeeyyiin barnootaa fi xiinsamqooqaa (psycholinguists) ni hubachiisu.

Barachuu irrattis haa ta'u jiruu fi jireenya keessatti, walii galanii hojjechuun bu'aa olanaa akka qabu Jacobs. G. (1988: 100) ni ibsa. Hojii daldalaa keessattis haa ta'u namoonni dhuunfaa adeems jiruu fi jireenya keessatti bu'aa qabeessa ta'uuf, walii galanii gamtaadhaan yookaan gareedhaan hojjechuun akka walii galaatti furtuu jireenya keessatti milkaa'uu akka ta'ee fi kunis barachuu keessattis akka wal fakkaatu ragaaleen adda addaa akka agarsiisan addeessa.

Hojiin garee moggaasa garaagaraa qaba. Takka takka gamtaan barachuu, yeroo biraa immoo marabbaan barachuu, yeroo kaan waliin barachuu, yoo kaan immoo gareedhaan barachuu akka ta'etti moggaafama (Davis, 1993:1). Ammaaf, garuu, dhimma qu'annaa kanaaf jecha hojii garee jechuun itti fayyadamneera.

Maalummaa hojii garees gama ilaaluun hiikni adda addaa ni dhiyaata. Fakkeenyaaf, Cohen (1972:2) hojii garee haala itti aanuun addeessiti.

*Students working together in a group small enough so that everyone can participate on a task that has been clearly assigned. Moreover, students are expected to carry out their task without direct and immediate supervision of the teacher. Group work is not the same as ability grouping in which the teachers divide up the class by academic criteria so that they can instruct a more homogeneous group.*

Akka waraabbii kanaatti, miseensonni garee xiqqaachuu isaanii irraa kan ka'e gocha kennameefii irratti bal'inaan qooda fudhachuuf carraa argatu. Itti dabaluunis, utuu barsiisaan kallattiidhaan keessa seenee hin to'atiin hojii kennameefii akka raawwatan irraa eegama. Miseensonni garees akka dandeettii isaaniitti kan walitti dhufan utuu hin taane, beekumsaa fi dandeettii garaagaraatiin akka gurmaa'an ta'uu mala.

Girmaanis (2003 : 105) hojiin garee gochoota miseensonni garichaa wal faana hojjetanii fi baay'ina miseensota garee haala itti aanuun ibsa. “ *Group work is here used to refer to activities where two to five or six students are assigned to work together.*”

Akka yaada Beebee fi Mastersonitti (1986:3). immoo, maalummaan hojii garee hojii wal faana hojjetamu keessatti namoonni murtaa'an walii wajjin akka hirmaatan beekanii jijjiirama fiduuf kan wajjin mariyatani fi yaada wal jijjiiranidha. Haaluma kanaan, kaayyoo tokko galmaan gahuuf namoonni lamaa ol ta'an kallattiidhaan wal bira taa'anii odeeffannoo fi yaada wal jijjiiruu akka ta'e jarri kun ni ibsu.

Hojiin garee barattoota gola barnootaa keessa jiran garee gareedhaan ijaaruun mata-duree dhimmoota garaagaraa irratti akka mariyatan gochuudha. Akka miseensa gareettis wal hubachuun haala dammaqinsa qabuun wal faana dalaguudha. Malli kun barattoonni waliisaanii wajjin akka mariyatani fi walirraa baratan waan taasisuuf, sodaa fi qaanii barattoonni dubbachuu fi yaada wal jijjiiruuf qaban, akkasumas yaadaa fi fedhii isaan barsiisaa irratti hirkachuuf qaban ni xiqqeessa; carraa afaan shaakaluu barattoota jajjabeessuun ni babal'isa (Atkins, Hailomii fi Nuru, 1996).

Brumfitis (1979:72) yaada ogeeyyii adda addaa waraabbachuun maalummaa garee, “*A group is usually defined as a number of people who interact with one another, who are psychologically aware of one another, and who perceive themselves to be a group*”, jechuun eera. Haluma kanaan, namoonni yookaan barattoonni walitti dhufuudhaan dhimma yookaan mata-duree tokko irratti miseensota yaada wal jijjiiranidha. Kana malees, dammaqinsa xiinsammuutiin kan wal hubatanii fi garee tokko ta'uusaanii kan amanan akka ta'e hubachiisa.



Miseensota garee mariif qopheessuunii fi marii gaggeeffamu sana qindeessuun yeroo gabaabuu daqiiqaan lakkaa'amu keessatti yookaan immoo wayitii (period) guutuu kessatti raawwachuun ni danda'a. Mariin garees maal akka ta'e Byrneetiin (1976: 80) ibsameera.

*By discussion is meant any exchange of ideas and opinions either on a class basis, with you as the mediator and to some extent as the participator, or within the context of a group, with the students talking amongst themselves. It may last for just a few minutes or it may continue for a whole lesson (in which case it belongs, of course, to advanced stage of language learning).*

Yaadni kun akka ibsutti, mariin garee kan gaggeeffamu barattoota jidduutti yommuu ta'u, adeemsa marii keessatti gaheen barsiisaa haala mijeessaa, yookaan hirmaataadha malee murteessaa miti. Haa ta'u malee, adeemsi hojii garee akka milkaa'uuf sirrtti karoorsuu fi qindeessuun, akkasumas bu'aan marii garee sanaa barsiisaatiin walitti gudunfamee gadi fageenyaan barattootaan hubatamuu qaba.

Walummaa galatti, hojiin garee miseensota dhimma yookaan kaayyoo tokkoof walitti gurmaa'anii kaayyoo sana galmaan gahuuf kallattiidhaan yaada wal jijjiiran akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

## 2.2. Akaakuu Hojii Garee

Richardsii fi Rodgers (2001:196), yaada Johnsonii fi hiriyyootasaa fudhachuun gareedhaan barachuu bakka sadiitti qoodu. Isaanis:

- **Garee idilee** – yeroo gareen kun itti turu wayitii barnootaa tokko irraa hanga torbaan baay'eetti deemuu danda'a. Kaayyoon isaas gochoota muraasa ta'an ittiin hojjechuu fi galii barnootaa barattoota hunda hammatu galmaan ga'uu keessatti barattoota hirmaachisuufi.
- **Garee miilta'aa** - gareen kun kan yeroof dhaabbatudha. Yeroon inni turus daqiiqaa muraasaa hanga wayitiin barnootaa sun xumaramuttidha. Kaayyoon isaas yeroo barattoonni kallattiidhaan barnoota irratti hirmaatan akka barnoota sana irratti fuulleffatan gochuufi.
- **Garee dhaabbataa** – gareen kun yoo xinnaate hanga waggaa kan turu ta'ee, gareewwan adda addaa kan of keessatti qabatudha. Kaayyoon isaas miseensonni garee barnootasaanii

galmaan gahachuu akka danda'aniif akka wal gargaaran, wal jajjabeessanii fi deeggaran gochuuf kan ijaaramudha.

Nation (1994: 161-166) hojii garee iddoo afuritti qooda. Bu'uurri qoodama gareewwan kanaas gocha tokkoo tokkoon garee raawwatuu fi odeeffannoo barattoonni dhuunfaatti yookaan gareedhaan qaban irratti hundaa'a. Haaluma kanaan;

- ❖ **Qindeessa walitti makoo ( Combining arrangement)** – garee kana keessatti miseensonni garee , tokko tokkoon barattootaa, odeeffannoo addaa fi barbaachisaa ta'e tokko qabu. As irratti barattoonni dhuunfaadhhaan odeeffannoo ciccittuu kan barattoonni kaan hin qabne yoo qabaatan, yeroo gareedhaan walitti dhufan immoo gocha kennameefii raawwachuuf odeeffannoo qofaa qofaatti qaban walitti fiduun gochicha ittiin raawwatu.
- ❖ **Qindeessa gamtaa ( Cooperative arrangement)-** Barattoonni miseensa garee kanaa hundisaanii gocha kennamee fi yaada waliisaanii irratti odeeffannoo wal qixa ta'e qabu. Kaayyoon isaas barattoonni hubannoosaanii walii hiraa gocha kennameefiif furmaata akka barbaadan gargaaruufi
- ❖ **Qindeessa olaanaa-gadaanaa (Superior-inferior arrangement)-** hojiin garee qindeessa olaanaa-gadanaa, barsiisuu duubatti hafaa wajjin wal fakkaata. Miseensonni garee kanaa hundisaanii odeeffannoo hin qabani. Odeeffannoo hunda kan qabu barataa tokko yookaan barattoota muraasa qofa.
- ❖ **Qindeessa dhuunfaa (Individual arrangement)-** garee kana keessatti barattoonni hundisaanii odeeffannoo wal fakkaatu qabu. Haa ta'u malee, barataan tokko odeeffannoo cittuu ofii qabuun qofa gocha raawwata.

Gosoonni hojii garee armaan olitti eeraman haala taa'umsa barattootaatiinis garaagarummaa qabu. Kana malees, akkaataan walitti dhufeenya barattootaa, galiin barnootaa fi gochaaleen raawwataman addaddummaa qabu.

Karaa biraammoo, caaseffama galii hojii garee irratti hundaa'uun Jacobs. G. (1988:98) hojii garee iddoo sadiitti hiree ilaala. Bu'uuruma kanaan :

- **Caasaa galii gamtaa-** hirmaattonni garee kanaa kan galii dhuunfaasaanii gahuu dandahan yoo hiriyyoonnisaanii galiisaanii galmaan gahan qofa. Kana fakkeenyaan ibsuuf, taphattoota kubbaa kachoo fudhachuun ni dandahama. Taphattoonni kun yoo marrabbaa fi gareedhaan walii galanii hojjetan malee qofaa qofaatti bu'aa argachuu hin danda'ani.
- **Caasaa galii wal dorgommii-** wal quunnamtiin miseensota garee kanaa wal diddaa fi wal dorgommii irratti kan hundaa'edha. Wal faana yaadanii fi hojjetanii galiisaanii rukutuuf fedhii fi marabbaan hin jiru. Garee kana fakkeenya taphattoota dorgommii teenisiitiin wal fakkeessuun ni danda'ama.
- **Caasaa galii dhuunfaa-** hirmaattota garee kana keessa wal quunnamtiin wal faana galii tokko gahuu hin jiru. Bu'aan hirmaataan tokko argate kan isaan biroo wajjin wal hin simatu. As irratti fakkeenya gaarii ta'uu kan danda'u galii dorgomtoota bishaan daakaniiti.

Kanaafuu, caasaan barattoota gola tokkoo yoo barsiisaatiin hojii gareef mijaahuu baate, raawwii hojii garee irratti akka dhiibbaa qabu Jacobs, G. (1988:97) ni ibsa. Barattoonnis wal gargaaruuf fedhii hin horatan jedha.

## 2.3. Gurmaa'ina Barattootaa

### 2.3.1. Gola Barsiisaatiin Hogganamu

Akka seenaa mala baruu fi barsiisuutti golli barnootaa barsiisaa gidduu galeessa godhatee gaggeefamaa akka dhufe qu'annoowwan adda addaa ni hubachiisu. Yeroo ammaa malli baruu fi barsiisuu barsiisaatiin hogganamu akka boodatti hafaatti fudhatama. Sababiin kennamus adeemsa barumsaa keessatti barattoonni carraa hirmaachuu hin argatan kan jedhudha. Gola barnootaa barsiisaatiin durfamu ilaalchisee ogeeyyiin adda addaa waan jedhan qabu. Gola barnootaa barsiisaatiin hogganamu ilaalchisee Girma Gezahegn (2003:105) yaada Harmer fudhachuun, “*Lock-step, ..., is the traditional teaching situation, in other words where a teacher-controlled session is taking place*”, ibsa. Adeemsi baruu fi barsiisuu akkasii kun immoo yeroo fi carraa bal'aa daran barsiisaaf kenna. Hirmaannaan barattootaa, garuu, ni daangeeffama.

McDonough fi Shaw (1994: 230-231) yaada Longii fi hiriyyootasaa wabeeffachuun, gola barnootaa barsiisaatiin durfamu keessatti gochoonni hunduu barsiisaatiin kan raawwatamanii fi

barattoonni deebistoota qofa akka ta'an daangeessa. Kana malees, barsiisaan gaafataa, dadammaqsaa fi madaalaa yeroo ta'u, barattoonni immoo deebistoota ta'uudhaan akka daangeffaman taasisa jedhu. Adeemsi baruu fi barsiisuu akkasii kun immoo barattoonni hundi haala wal fakkaatuun barsiisaa qofa hordofaanii akka deeman taasisa. Dhimma baratamu sanarratti barattoonni yaada haaraa dhiyeessanii fi ofitti amananii hojjechuuf carraa hin argatan.

Rakkoon mala barsiisuu barsiisaatiin durfamuu (Girmaa, 2003:105) barattoonni akka dubbatan yeroo gahaa kennuu dhabuu fi barattoonni afaan baratan sana ofitti amananii dubbachuu dhabuudha. Sababii kun ta'uu danda'eefis wal quunnamtiin gola keessatti mul'atu barataa dhuunfaa fi barsiisaa jidduutti, barsiisaa fi barattoota gola keessa jiran wajjin malee, barattota jidduutti miti. Itti dabalataanis, gaheen barattootaa deebisuu qofa waan ta'eefi.

Gola barnootaa barsiisaatiin hogganamu keessatti saffisaan barachuun barattootaa saffisa barsiisaa irratti hundaa'a. Yoo barsiisaan dafee deema ta'e, barattoonni ciccimoon hordofuu danda'u; yoo barsiisaan suuta deema ta'e, barattoonni dadhaboo ta'an carraa argatu. Garuu, barattoonni cimoo ta'an immoo ni nuffu. Haala kana McDonough fi Shaw (1994: 231) yaada Long fudhachuun, barsiisaan barattoota dudduubbeensaanii garaagara ta'e bakka tokkotti fidee afaan barsiisuuf yaalu, barattoota hunda haala tokkoon, yeroo tokko keessatti, saffisa, malaa fi haxa wal fakkaatuun dirqisiisuudha jedhu.

Rakkoolee kanneen fakkaatan irraa ka'uun barattoota gola tokko keessa jiran gareedhaan hiruun barsiisuun barbaachisaa ta'aa dhufe. Keessattuu, baroota 1980nii as bal'inaan akka hojiirra oolaa dhufe eerama.

## **2.3.2 Mala Hojii Gareetiin Barachuu fi Faayidaasaa**

### **2.3.2.1. Mala Hojii Gareetiin Barachuu**

Hojiin garee maloota si'aa'inaan ittiin baratan keessaa isa tokko ta'uu isaarrayyuu, barattoonni gola tokko keessatti argaman mata-duree marii irratti yaada wal jijjiiruun kaayyoo marii sanaa galmaan gahuu akka ta'e ni amanama. Mala gareedhaan barachuu Christison (1990:140) yaada Calderon waraabuun haala itti aanuun agarsiifti. Akka yaadasheetti, gareedhaan barachuun tarsiimoo barattoota ittiin jajjabeessanii fi mana barumsaa keessa tursan, ilaalcha barattoonni

ofiifis ta'e barattoota biroof qaban akka fooyyeffatan gargaaruu, daandii itti gadi fageenyaan yaadanii fi rakkoo hiikan agarsiisuu fi dandeettiiwwan wal faana hojjechuu gonfachuudha jetti.

Waan ta'eef, gareedhaan barachuun si'aa'inaan barnoota hordofuu, hubannoo cimsachuu fi beekumsaa fi dandeettii horachuu dha. Hojiin garee sirriitti yoo karoorfamee fi qindaa'e sochii si'aa'inaan barachuu (active learning) keessatti meeshaa guddaa akka ta'ee fi barattoota hundaaf carraa akka kennu Cohen (1972:1) ni ibsiti. *"If a teacher wants to produce active learning, then group work, properly designed, is a powerful tool for providing simultaneous opportunities for all class members."* Akka yaada kanaatti, faayidaan hojii garee , barattoota qofaaf utuu hin taane, barsiisaanis hirmaannaadhaan barsiisuuf bu'aa qabeessa akka ta'e hubachuun danda'amaa.


Akka walii galaatti, gareedhaan baruun fi barsiisuun barataafis ta'e barsiisaaf bu'aa qabeessa. Barattoonni onnatanii fedhiidhaan akka walirraa baratan, qabiyyee dhimma irratti mariyatamu sanaa gadi fageenyaan akka hubatan, dandeettii hubannoo fi qayyabannoo akka argatan, ofitti amananii akka hojjetanii fi tajaajila afaan jiruu fi jireenya keessatti qabu akka xiinxalan kan gargaaru ta'uu isaarrayyuu, dadhabbii barsiisaa fi itti fayyadama yeroo irratti barsiisaan gargaarsa argata. Sababiinsaas miseensonni garee madda beekumsaa fi odeeffannoo ta'uu isaaniirrayyuu, waliin ta'anii rakkoo hiikuu irratti haalli mijaahaan waan uumuufi. Waan ta'eef, mala hojii fi marii gareetiin barumsa gaggeessuun, barnoota qulqullinaa fi ga'insa qabuu fi jiruu fi jireenya keessatti faayidaa qabu kennuu akka ta'e hubachuun hin rakkisu.

#### **2.3.2.2. Faayidaa Hojii Garee**

Adeemsa baruun fi barsiisuu keessatti gareedhaan barachuun bu'aa guddaa akka qabu ogeeyyiin adda addaa ni ibsu. Fakkeenaaf, Davis ( 1993: 1) akkas jetti.

*Students learn best when they are actively involved in the process. Researchers report that, regardless of the subject matter, students working in small groups tend to learn more of what is taught and retain it longer than when the same content is presented in other instructional formats. Students who work in collaborative groups also appear more satisfied with their classes.*

Akka waraabbii kanaatti, adeemsa baruun fi barsiisuu keessatti barattoonni gareedhaan baratan daran si'aa'inaan akka hirmaatan hubanna. Kana malees, barattoonni gareedhaan baratan waan





baratan sirriitti hubachuu fi qabachuuf akka isaan gargaaru ibsuu isaarrayyuu, barumsa isaaniitti akka gammadan ni gumaacha.

Girmaan (2003:107), kan Ellis (1995) yaada Long, Mcleanii fi Castanos waraabee dhiyeesse waraabuun, hojiin garee carraa afaanicha bal'inaan dubbachuu argamsiisuu isaarrayyuu, faayidaa olaanaa afaan dhimmoota adda addaa keessatti kennuu danda'u hubachuuf bu'aa qabeessa ta'uusaa mirkaneessa.

Kana malees, Freeman (2000: 150) kaayyoon hirmaannaadhaan barachuu dhiibbaa hawaasummaa, seenaa fi aadaan jireenya barattootaa irratti qabu akka hubatan isaan taasisa jedha. “ *The goal of the participatory approach is to help students to understand the social, historical, or cultural forces that affects their lives, and then to help empower students to take action and make decisions in order to gain control over their lives.*” Hojiin garees hirmaannadhaan waan baratamuuf, barattoonni sirriitti akka of beekanii fi of danda'anii hojjechuudhaan akka jiruu fi jireenyasaanii fooyyeffataniif bu'uura ta'a.

Alamirew (1992: 13) afaaniin sirriitti dubbachuun kan danda'amu yoo afaanichi matumasaatiin dhimma baasee fi yoo barattoonni afaanichaan sirriitti walii galanii rokkoolee garaagaraa hiikuuf, odeeffannoo wal jijjiiruu fi mariidhaan dhimma tokkoof furmaata kennuuf hawwii qabaatan, hojiin garee furtuu gaarii ta'uu ibsa.

*Thus, fluency can be obtained if language is used as a means to an end and if students have a desire to communicate through the language in order to solve a problem, exchange information, negotiate to settle an issue, etc. These are possible activities if and only if the students are required to form groups or pairs to do the activities.*

Akka waraabbii kanaatti, afaaniin sirriitti dubbachuun kan danda'amu afaanichi dhimma barbaadamuuf tajaajilarraa yoo oolee fi barattoonni rakkoo isaan mudate hiikuuf yoo ittiin wal quunnamani dha. Kana malees, odeeffannoo yoo ittiin wal jijjiiranii fi dhimma tokko irratti wal mariyatan bu'aa qabeessa ta'a. Kunimmoo kan ta'uu danda'u yoo barattoonni gareedhaan ijaaramanii gochaalee barbaachisan raawwatan qofaa dha.

Brumfitis (1979:73-74) kanuma cimsa.

*Putting students into small groups in the classroom will both open up for them possibilities of interaction which are not normally available in a whole-class approach, and also make demands on them which - while they are difficult to specify precisely - will force a closer integration of language with social behaviour than would otherwise be possible, in a way compatible with our view of language acquisition and use.*

Haaluma kanaan, gareedhaan barachuun daree barattoota hunda wal faana barsiisuu irraa kan hin argamne ta'uusaarrayyuu, barattoonni wal quunnamanii wal faana barachuuf carraa kan banu, tajaajila afaanii fi dhimmoota hawaasummaa kan wal simsiisu ta'uu hubachiisa. Faayidaa walirraa barachuus ni cimsa jedha.

Nunanis, gama isaatiin, (1988:83) yaada kana daran jajjabeessa. *"Group work provides an environment in which learners can comprehend, it gives them opportunities for production and it provides contexts within which meaning can be negotiated."* Akkuma yaadni kun agarsiisutti, gareedhaan barachuun hubannoo barattootaa kan cimsu, hiikaa fi itti fayyadama afaanii kan gabbisu ta'uusaati. Itti dabalun, Rod Ellis (1994 : 598 ), *"Group work is often considered an essential feature of communicative language teaching ,"* jedha. Haaluma kanaan, hojiin garee barsiisuu afaanii waliin dubbii keessatti mala baay'ee barbaachisaa ta'uusaa nu hubachiisa.

Gareedhaan barachuun dandeettiin barattootaa afaan barachuu irratti daran akka cimu ogeeyyii barnootaatiin ibsama. Fakkeenyaaf , Longii fi Porter ( 1985: 208-212) bu'aa hojiin garee afaan barachuu keessatti gumaachu haala itti aanuun ibsu.

- Hojiin garee barattoonni jiruu fi jireenyasaanii keessatti carraa afaan baratan sanatti fayyadamuu ni guddisa,
- Hojiin garee qulqullina dubbii barataa ni fooyyessa,
- Hojiin garee barsiisuu dhuunfessaaf (individualization of instruction) madda cimaa ta'a,
- Hojiin garee haala eeyyentaa amala gaarii ( positive affective climate) ta'e saffisiisa,
- Hojiin garee kaka'umsaa fi si'aa'ina barataa dabala.

Marii fi hojii garee keessatti barattoonni yaada bal'inaan akka wal jijjiiran carraa argatu. Akka yaada Cohenitti (1972:3), barattoonni gaaffii wal gaafachuuf, ibsa walii kennuuf, yaada wal jijjiiruuf, wal qeequuf, wal dhaggeeffachuuf, walii galuuf, wal mormuuf yookaan walii galanii

murtii irra ga'uuf carraa gahaa argatu. Kana malees, mallattoo adda addaatiin walii galuu danda'u. Fakkeenyaaf, qubaan agarsiisuudhaan, akkaataa wanti tokko itti hojjetu dalagaan mul'isuun, mataa raasuun, nyaara walitti guuruun yookaan fuula ifaa ta'e agarsiisuun hirmaachuu danda'u. Kanaafuu, gareetiin barachuu fi hojjechuun faayidaa olaanaa qaba.

Barbaachisummaa hojii garee ilaalchisee Cohen (Isuma Olee: 6) haala itti aanuun miidhagsitee agarsiifti. Kunis galii barnoota hayyummaa fi hawaasummaa fiixaan baasuuf hojiin garee tumsa guddaa akka godhu yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama.

*Group work is an effective technique for achieving certain kinds of intellectual and social learning goals. It is a superior technique for conceptual learning, for creative problem solving, and for increasing oral language proficiency. Socially, it will improve intergroup relations by increasing trust and friendliness. It will teach students skills for working in groups that can be transferred to many student and adult work situations. Group work is also a strategy for solving two common classroom problems: keeping students involved with their work, and managing students with a wide range of academic skills.*

Waraabbii kanarraa hubachuun akka danda'amutti, gareedhaan barachuun, hubannoo yaad-rimeewwanii, mala kalaqanii ittiin rakkoo hiikan uumuu fi beekumsaa fi ga'insaan afaanichaan dubbachuu argachuuf haxa olaanaa ta'uusaati. Gama hawaasummaatiin, fedhii fi hiriyyummaa barattootaa cimsuudhaan, wal quunnamtii miseensota garee barattoota jidduu jiru ni fooyyeessa. Itti dabalataanis, dandeettiin gareedhaan hojjechuu barattootaa akka cimuu fi tarsiimoo barattoonni ittiin hojjetanii fi beekumsa ittiin argatan ta'uusaa agarsiisa.

Gola barnootaa keessatti barbaachisummaa hojii garee fi deeggarsa inni ogeeyyii barnootaatiin qabus Long fi Porter ( 1985 : 207 ) akkas jechuun xiyyeeffachiisu.

*The use of group work in classroom... has long been supported by sound pedagogical arguments. Recently, however, a psycholinguistic rationale for group work has emerged from second language acquisition research on conversation between non-native speakers, or interlanguage talk. Provided careful attention is paid to the structure tasks students work on together, the negotiation work possible in group activity makes it an attractive alternative to the teacher- led , "lockstep" mode and a viable classroom substitute for individual conversations with native speakers.*

Waraabbichi hojii gareen afaan dhalootaa ta'e afaan lammaataa barachuuf, faayidaa akka qabu agarsiisa. Yaada waraabbii kanaa irraa akka hubannutti, hojiin garee gochoota caasaa afaaniif xiyyeeffannoon sirriitti kennamee gaggeeffame jennaan, afaan barachuu keessatti faayidaa guddaa akka qabu agarsiisa. Ogeeyyiin barnootaa kanuma akka deggaran ibsa. Bu'aansaas gola barsiisaatiin hoogganamu caalaa filannoo afaan barsiisuu hawwachiisaa akka ta'e eeru.

Faayidaa hojii garee ilaalchisuun Baabee fi Masterson (1986: 5-8) qabxiiwwan itti aananiin dhugaa bahu.

- Miseensonni garee muuxannoo fi beekumsa adda addaa duraan qaban fidatanii waan gara hojii gareetti dhufaniif, madda odeeffannoo fi beekumssaa ta'uu isaanii,
- Rakkoo murtaa'e tokko dhuunfaadhaan hiikuuf yaalurra, maloota garaagaraa miseensota garee irraa madduun furuuf yaaluun bu'aa qabeessa ta'uusaa,
- Gareedhaan hojjechuun dhimma irratti mariyatamu sana sirriitti hubachuufi barachuuf mala fooyya'aa ta'e kan saffisiisu ta'uusaa,
- Barattoonni yeroo gareedhaan hojjetan fedhiinsaanii waan guddatuuf, mala adeemsa rakkoo hiikuu fi murtii kennuu irratti dammaqinaan qooda fudhachuusaanii fi
- Miseensonni garee akkuma wal mariyataa demaniin irra caalaa waliisaanii fi of hubachaa akka deeman isaan gargaaruusaa mirkaneessu.

Ta'us, hojiin garee hanqinas akka qabu ogeeyyiin adda addaa sodaasaanii ibsu. Fakkeenyaaf, Girmaa (2003: 115-122) fi Birhanuun (2000: 64-66) hanqinoota gama hojii gareetiin jiran addeessaniiru. Akka yaada jara kanaatti, baay'ina barattootaa irraa kan ka'e, baay'inni gareewwanii fi miseensota garee ni baay'ata. Kunis baay'achuu sagalee fi naamusa eeganii hojii garee hojjechuu irratti dhiibbaa uuma; golli ni dhiphata. Kana malees, barsiisonni hojii garee karoorsanii, qindeessanii fi hordofaa waan hin dhiyeessineef, barattoonni fedhiidhaan hin hirmaatan, isaan hirmaatanis baay'ee muraasa. Dudduubbeen barattootaas dadhabaa ta'uunsaa barattoonni akka walitti hirkatanii fi hojii garee hojjechuu irratti qooda fudhachuu irra sodaachuu fi baqachuu filachuun akka jiru eeru. Adeemsi akkasiimmoo qulqullina barnootaa irratti dhiibbaa badaa qaqqabsiisa.

Dishaashumatti, garuu, adeemsa baruu fi barsiisuu afaanii kessatti, fayidaan hojii garee olaanaa ta'uunsaa ibsameera. Haaluma kanaan, gola barnootaa barsiisaatiin hogganamu caalaa

gareedhaan barachuun barattoonni adeemsa baruu fi barsiisuu irratti dammaqinaan akka hirmaatan ni taasisa, of amanaanii akka dubbatanii fi hojjetan ni gargaara, mata-duree marii sanaa gad-fageenyaan akka hubatan isaan gargaara, dandeettii fi muuxannoo jiruu fi jireenya keessatti isaan fayyadu akka argatan ni tumsa, mala waliin ta'anii rakkoo hiikuu shaakaluu isaanii irrayyuu yaada murtii kennuu akka danda'an kan qopheessu, naamusaan wal caqasuu fi walirraa barachuu akka gonfachiisu Longii fi Porter (1983: 208-212), Girma (2003:106-7), Brumfit (1979: 73-74), Ellisii (1994:599) fi Nunan (1988: 83) ni ibsu.

## 2.4. Rakkoolee Hojii Garee

Hojii fi mariin garee afaan baruu fi barsiisuu keessatti bu'aa olaanaa qaba jedhamu illee, hanqinootas ni qaba. Fakkeengaaf, barattoonni gola keessa jiran muuxannoo fi dudduubbee adda addaa irraa waan dhufaniif, haala wal fakkaatuun mala gareetiin barachuu irratti dhiibbaan hin taane jiraachuu fi gochi hojii gareetiin barachuu utuu itti hin yaadamiin gurmaa'uu fi kaayyoon isaa kaayyoo barnootaa wajjin walitti dhufeenya dhabuun rakkoo hojii garee akka ta'etti fudhatama, (McDonough fi Shaw, 1994: 225).

Hojiin garee barattoota gola barnootaa keessa jiran garee gareedhaan ijaaruun mata-duree dhimmoota garaagaraa irratti akka mariyatan gochuudha. Walumatti qabaatti, marii fi hojiin garee, barattoonni sodaa malee mata-duree kennameefi yookaan yaada irratti mariyatan gadi fageenyaan akka hubatan, ofitti amananii akka dubbatanii fi yaada dhiyeessan, adeemsa baruu fi barsiisuu keessatti si'aa'inaan akka hirmaatan, mala waliin ta'anii rakkoo hiikuu fi yaada furmaataa kennuuti. Ta'us, hojiin garee hanqinas akka qabu ogeeyyiin adda addaa sodaasaanii ibsu. Hanqinoonni kunniin maddi isaanii garaagara akka ta'anii fi hojiirra oolmaa marii fi hojii garee kan gufachiisan ta'uusaanii ni eeru. Fakkeenyaaf, Sherifii fi Sherif (1996: 81) barattoonni gareedhaan walitti dhufuuf dhuunfaanis ta'e hawaasummaan rakkoo qabu. Kunis achii as dhufa barattoota irratti garagarummaan akka jiraachuu danda'u agarsiisa.

Qabxiilee rakkoodha jedhaman Girmaan (2003: 115- 122) qu'annoo fi qormaata gaggeesse keessatti wantoota hojiirra oolmaa hojii garee gufachiisan torba addaan baaseera. Isaanis:

1. **Rakkoo naamusaa fi baay'achuu sagalee** : Akka argannoo kanaatti akkuma hojiin garee eegaleen baay'inni sagalee to'atamuu hin dandeenye ni mudata. Sababiinsaas gola tokko



keessa barattoonni baay'ee waan jiraniif, garee hedduutu uumama. Waan ta'eef, sagaleen baay'achuu irraa kan ka'e naamusa eegsisuun rakkisaadha.

2. **Barattoonni dandeettii fi kaka'umsa dhabuu:** As irratti barattoonni dandeettii fi fedhii waan hin qabneef, hojii garee irratti qooda fudhachuu irra callisanii taa'uu filatu; yookaan barattoota muraasa irratti hirkatanii gaheesaanii gumaachuu irraa of qusatu.
3. **Filannoo barattootaa:** Barattoonni afaanitti fayyadamanii waliin dubbachuu fi hojjechuu irra seera afaanii (sirna lugaa) qu'achuun qorumsa biyyoolessaaf of qopheessuu filatu. Gareedhaan afaan barachuufis fedhii hin qaban.
4. **Muuxannoo barattoonni barachuu irratti qaban:** Muuxannoon barattoonni gareen hojjechuu irratti qaban dadhabaa ta'uu fi dudduubbeensaaniis seer-luga afaanii qu'achuun malee shaakala barnoota afaanii biroof kan isaan qopheesse akka hin taane hubachiisa.
5. **Dogoggora barattoonni uuman barsiisotaan sodaatamuu:** Akka gola barsiisaatiin hogganamee to'atamuutti to'annoon waan hin jirreef, barattoonni dogoggora baay'ee uumu shakkiin jedhu barsiisota bira akka jiru qu'annichi ni mul'isa.
6. **Afaan dhalootaatti Fayyadamuu:** Qu'annoon kun afaan Ingilizii irratti waan xiyyeefatuuf, barattoonni afaan dhalootaasaniis itti makuun akka dubbatan ni eera.
7. **Haala qabatamaa gola barnootaa:** Golli barnootaa baay'ina barattootaa irraa kan ka'e dhiphachuu ni danda'a. Kanaafuu, barattoonni akka garaa yaada wal jijjiiranii hojjechuuf ni rakkatu. Kana malees, barcumnii fi minjaalli walitti maxa'amanii yookaan lafatti hordamanii dhaabbataniiru yoo ta'e, barattoonni haala barbaachisaa ta'een socho'anii hojjechuuf ni rakkatu.

Haaluma kanaan, hanqinoonni hojii garee kanneenii fi isaan biroo ta'u danda'u. Ogeessi Byrne (1976:78-80) jedhamu, fakkeenyaaf, hanqinoonni hojii garee yeroo fixuu, barattoonni dadhaboon hojii garee qabata godhachuudhaan caalaa akka hin hirmaannee fi dadhabaa ta'an gochuu, naamusni eegamuu dhabuusaa fi amalli barattootaa badaa akka deemuu barsiisonni tokko tokko akka kaasan ni ibsa. Kana malees, gochoonni kennaman kan barattoota ofitti hin hawwanne yoo ta'ee fi gaheen barsiisaa barattoota kan hin kakaasne yoo ta'e, hirmaannaa barattootaa irratti dhiibbaa guddaa akka uumu hubachiisa.

Itti dabalataan, haalli gurmaa'ina gola barnootaa fi walitti dhufeenyi fi fedhiin barattootaa hojii irra oolmaa hojii garee irratti dhiibbaa akka qabu Christison (1990:140) ni ibsiti. Akka yaada ogeettii kanaatti, namni kamiyyuu uumamaan gareedhaan hojjechuu hin baratu. Kanaafuu, barattoonni akkuma barumsa jalqabaniin gareetiin hojjechuuf ni rakkatu. Gochoota garaagaraa

waliin ta'anii raawwachuufis muuxannoo dhabuun hojiin garee akka haala gaariin hin raawwanne gufuu ta'a.

Rakkoolee hojii garee ogeeyyii hedduun haalaa wal fakkaatuun agarsiisu. McDonough fi Shaw (1994: 237-238) yaaduma armaan olitti dhiyaatan cimsu. Akka yaadasaaniitti, rakkooleen hojii garee, sirriitti qindaa'ee gaggeeffamuu dhabuu, rakkoo gurmaa'ina gola barnootaa fi barcumnii fi minjaalli lafa gola barnootaa wajjin wal qabachuun socho'uu dhabuurraa kan ka'e, barattoonni tarreedhaan taa'uu malee akka garaa socho'anii hojjechuu dhabuu, haalli hojiin garee itti dhiyaatu fedhii fi hawwii barattoonni barnootaaf qaban guutuu dhabuu, garee barsiisaatiin gurmaa'e irratti barattoonni wal gargaaruu fi wajjiin hojjechuuf fedhii dhabuu fi baay'ina barattootaati. Walumaa galatti, rakkoon hojii garee mala hojiin garee itti dhiyaatuu fi qophii sirna barnootaa gocha hojii garee raawwachuuf mijaa'aa ta'uu dhabuu fi kanarraa kan ka'e barattoonni ittiin barachuuf fedhii dhabuu, rakkoo naamusaa, haala qabatama golaa ( physical constraints), fedhiin barattootaa shaakala seer-lugaa fi qophii qorumsaa irratti xiyyeeffachuu, baay'achuun sagalee jibbamuu, shaakala hojii gareetiin barumsi qulqullina qabu hin kennamu jedhanii shakkuu fi barattoota to'atanii sagantaa barnootaa gaggeessuun hin danda'amu rakkooleen jedhaman akka ka'an ogeeyyiin kun ni hubachiisu.

Beebe fi Masterson (1986: 9-10) rakkoo hojiin garee qabu gabaabsanii dhiyeessu. Haluma kanaan, qulqullina hojii garee kan xiqqeessan keessaa tokko wal dhabdee (conflict) hambisuuf jecha yaada namoota biroo fudhachuuf dirqamuu, inni itti aanu immoo namoonni muraasa ta'an marii gaggeeffamu sana olaantummaan fudhachuun miseensota garee kaan carraa dhowwachuu, sadaffaan miseensonni garee tokko tokko gocha hojii garee raawwachuu irratti yeroo baay'ee hirkatoo ta'uu fi hojii gareetiin gocha tokko raawwachuu yeroo kan fudhatu ta'usaati.

Bu'aa qabeessummaa hojii garee mirkaneessuuf, rakkoolee qophii sirna barnootaa, gurmaa'inaa fi mijaa'ina gola barnootaa, baay'ina barattootaa fi miseensota garee, gochaa fi qajeelfama ifaa ta'e, fedhii fi marabbaa barattootaa, karoorsuu fi saganteessuu hojii garee fi madaallii fi firii barattootaa qindeessuun murteessaa ta'uusaa ogeeyyiin adda addaa ni addeessuu.

Fakkeenyaaf, Biranuun (2000:63-66) qu'annaasaa keessatti rakkoolee hojii garee akka armaan gadiitti tarreessa.

1. Lakkoofsi barattootaa garmalee baay'ee waan ta'eef, hojii garee qindeessuu fi shaakalsiisuun ni rakkisa; haalli barcuma barattootaas akkuma kana rakkisaa ta'uusaa,
2. Hojii garee keessatti barattoonni qooda fudhachuuf fedhii dhabuu,
3. Baay'inni daree mana barnootaa fi baay'inni barattoota daree tokko keessaa waan wal hin ginneef, gareedhaan barachuuf kan hin hawwisiifne ta'uu,
4. Barattoota muraasa irraa kan hafe barattoonni hedduun hojii garee akka hin jaalannee fi hojii garee hojjetan daree keessatti dhiyeessuu jibbuu,
5. Barattoonni hedduun gareesaanii keessatti hirmaannaa o'aa gochuu dhabuu fi ifaajee barattoonni muraasni godhaniin firii argachuu yaaluu,
6. Barsiisonni barattoota hordofuu dhabuu. Keessaayyuu, barsiisonni tokko tokko immoo yeroo barattoonni mariyatan hojii biraa hojjechuu,
7. Xiyyeeffannoon barattootaa qorumsa biyyoolessaa malee hojii garee ta'uu dhabuu- hojiin garee qorumsa biyyoolessaaf akka hin tumsinetti fudhachuu,
8. Yeroon marii garee gaggeessuuf kenname xiqqaachuu,
9. Barattoonni dandeettii gareetiin barachuu dhabuu akka ta'e argannoosaa keessatti agarsiisa.

Kanaafuu, haala kana qu'annaa fi qormaataan mirkaneessuun ni mala. Yookaan immoo argannoo qormaata kanaa irratti hundaa'uun yaada furmaataa kennuu barbaachisa.

## **2.5. Qaamolee Raawwii Hojii Garee Keessatti Gahee Murteessaa Qaban**

Adeemsa baruu fi barsiisuu kamiyyuu keessatti gaheen barsiisotaa fi barattootaa olaanaa dha. Mala baruu fi barsiisuu hojii garee keessattis adda bahee hin ilaalamu. Raawwii hojii garee keessatti barsiisonni gahee murteessaa qabu. Kan barattootaas haaluma kanaan ilaalamuu danda'a. Gaheensaaniis qofaa qofaatti armaan gaditti dhiyaateera.

### **2.5.1. Gahee Barsiisaa**

Hojii garee wixinnuu, karoorsuu, saganteessuu fi qindeessuu irratti gahee barsiisaan qabu adda durummaan kan ilaalamudha. Galmaan gahuu kaayyoo fi milkaayina hojii gareef ilaalcha

barsiisaan qabuu fi tooftaa fi haala inni ittiin gaheesaa kana bahuuf carraaqu irratti hundaa'a (Kaye fi Rogers, 1968). Ilaalchi, fedhii fi kaka'umsi barsiisaan hojiisaa raawwaachuuf qabu mijaahinaa fi milkaa'ina hojii barnootaaf bu'uura. Yaadni armaan oliis kanuma dhugoomsa. Kana malees, fedhii fi ilaalcha gaarii qabu malaa fi tooftaa adda addaatti fayyadamee akkaataan inni hojiirra oolchu murteessaadha. Kanaafuu, barsiisaan qabxiilee itti aanan irratti fuulleffatee hojii garee yoo raawwate bu'aa barnoota garii ta'e galmeessisiisuu danda'a.

- Barbaachisummaa hojii gareetti amanuu fi murtiirra gahuu,
- Kaayyoo barnoota hojii garee addaan baasuu fi kaayyoo barnootaa wajjin wal simsiisuu;
- Mala baruu fi barsiisuu hojii garee karoorsuu fi saganteessuu;
- Meeshaalee deggarsa barnootaa addaan baasuu fi miseensota garee wajjin ta'uun akka hojii gareef tolutti qopheessuu;
- Qajeelfama hojii garee ifaa ta'ee fi miseensota hojii garee biratti kan fudhatamaa fi hojiirra ooluu danda'u qopheessuu;
- Garee adda addaa uumuu;
- Baay'ina miseensota garee murteessuu;
- Yeroo itti hojiin garee raawwatu tilmaamuu fi murteessuu;
- Gola barnootaa mijeessuu fi gurmeessuu;
- Akkaataa taa'umsa barattoota mijeessuu;
- Mata-duree marii wajjin gareewwan wal barsiisuu;
- Miseensota gareef gahee hojii qooduu;
- Hojii yookaan marii garee bifa qindoomina qabuun eegalsiisuu;
- Yoo barbaachisaa ta'ee argame ibsa gabaabaa kennuu fi bu'aa hojii garee irraa argamu barattoota hubachiisuu;
- Itti gaafatamummaa dhuunfaa fi waliinii qayyabachiisuu;
- Hordoffii walirraa hin cinnee fi madaallii gaggeessuu;
- Yeroo barbaachisaa ta'utti gareewwanis haa ta'an barattoota dhuunfaa gargaaruu, gorsuu fi jajjabeessuu;
- Yaada xumuraa fi guduunfaa kennuu;
- Qabxii madaallii yeroo yerootti barattoota beeksisuudhaan, barattoota cimoos haa ta'an dadhaboo jajjabeessuu fi gargaaruu;

- Dhumarratti iddoo rakkoon jiru addaan baasuun, gara fuula duraatti irratti karoorfachuun furmaata barbaaduu.

### **2.5.2. Gahee Barataa**

Barataan gola barnootaa keessatti handhuura barumsaati. Himteewwan ammayyaas barnoonni barataa giddu-galeessa godhatee hin deemne bu'aa qabeessa akka hin taane agarsiisu. Gahee barattoonni hojii garee keessatti qabanis Poundsii fi Garretson (1996) gahee garee ijaaruu, hojii garee raawwachu fi gahee miseensa dhuunfa akka ta'e ibsu. Haaluma kanaan barataan gahee itti aanu qaba.

- Faayidaa hojii garee hubachuu fi dalagaa hojii gareef of qopheessuu,
- Yeroo hojii garee kabajuu fi yeroon argamee hirmaachuu,
- Barattoota yookaan miseensota garee wajjin hariiroo gaarii qabaachuu,
- Marabbaan hojjechuu fi bu'aa gaarii galmeessisiisuuf dhuunfaanis ta'e waliin carraaqii fufinsa qabu gochuu,
- Gahee hojiisaa beekuun yeroo fi iddoo barbaadametti raawwachu fi k.k.f.

### **2.5.3 Gahee Sirna Barnootaa**

Sirni barnootaa handhuura hojii barnootaa akka ta'etti ilaalama. Hojiin sagantaa barnootaas haa ta'u kan deeggarsa barnootaa, sirna barnootaa handhuura godhachuudhaan kan gaggeeffamu dha. Ka'umsii fi wixineen mala baruu fi barsiisuus sirna barnootaa irraa madda. Malli baruu fi barsiisuu hojii garees kanaan ala hin ta'u. Haaluma kanaan, adeemsa mala baruu fi barsiisuu hojii garee keessatti sirni barnootaa iddoo guddaa qaba. Fakkeenyaaf;

- Raawwii hojii gareef qajeelfamni ifaan jiraachuun,
- Qophiin sirna barnootaa haala hirmaachisaa ta'een qophaahuun,
- Mata-dureewwan mariif dhiyaatan haala qabatamaa gola barnootaa fi mana barnootaan alaa wal simsiisnaan,
- Mata-duree marii barsiisotaa fi barattootaan hawwatamnaa,
- Shaakaloottaa fi gilgaalota barattoota gidu-galeessa godhate qabaannaan,
- Barattootaa fi barsiisota qophii fi yaada haaraaf qopheessinaan,
- Odeeffannoo barbaachisaa fi gahaa kenninaan,



- Duraa-duubaan dandeettii fi beekumsa barattootaa haala fufinsa qabuun cimsinaanii fi kanneen kana fakkaatan hammanaan faayidaansaa olaanaa dha.

Waan ta'eef, milkaa'ina hojii gareef gahee barsiisonni, barattoonnii fi sirni barnootaa qaban cimaa waan ta'eef, qu'annaan amma gaggeeffamu kunis isaan kanaa fi kanneen biroo irratti xiyyeeffata.

Yeroo ammaa mala baruu fi barsiisuu ilaalchisee isa kanatu sirriidha, kanatu sirrii miti jedhamee kan murtiin itti kennamu hin fakkaatu. Waaggoota saddeeta lamaa asis himteen haaraan mala baruu fi barsiisuu irratti dhiyaatee ifa gale hin jiru. Haa ta'u malee, sochii mala baruu fi barsiisuu afaanii ilaalchisee marii fi hojiin garee bakka olaanaa akka qabu yaadni beektota armaan olitti eeramanii ni agarsiisa. Hojii garee qindeessuu irratti, garuu, barsiisaan iddoo guddaa akka qabaachuu danda'u hin mamsiisu. Haalonnii fi qabxiiwwan armaan olitti ka'an akka mul'isanitti, barsiisonni, barattoonnii fi bulchiinsi mana barnootaa qindoominaan mala hirmaachisaa ta'ee fi sirna barnootaa mijaahaa ta'een hojjechuu baannaan, faayidaan hojii garee irraa argamu xiqqaa ta'uu danda'a. Bu'aasaa caalaa fedhii dhabuu, wacaa fi nuffiitu itti baay'ata. Kanaafuu, dalagaa hojii garee irratti wantoota gufuu ta'an qu'annaa fi qormaataan addaan baasuudhaan firii argamu irratti hundaa'uun, rakkoolee gufuu ta'uu danda'aniif furmaata barbaaduun, qulqullina barnootaa eegsisuun bu'aa qabeessaa fi murteessaa akka ta'etti fudhatama.

## BOQONNAA SADII

### 3. Wixinee fi Mala Qormaatichaa (Research Design and Methodology )

#### 3.1. Wixinee ( Design )

Rakkoo qormaata kanaa irratti odeeffannoo barbaachisaa fi gahaa ta'e argachuuf, dursanii qophii adda addaa gochuun barbaachisaadha. Qophiin taasifamuu qabus duraa duubaan wal hordofee raawwatamuu qaba. Haaluma kanaan, rakkoolee hojiiira oolmaa hojii garee Mana Barumsaa Amurruu Sadarkaa 2ffaa gola barnoota Afaan Oromoo kutaa 9 keessatti mudatu jedhamanii tilmaamaman sakkatta'uuf jalqaba, haal-dureewwan dursanii mijaa'uu qaban mijeessuu; lammata, ragaalee adda addaa sakatta'uu; sadaffaa, rakkoo kana irratti odeeffannoo duraan jiran argachuuf sakattaa barruu (literature review) gochuu; araffaa, gaaffilee bu'uura qormaatichaa ifaan kaasuu; shanaffaa, odeeffannoo sakattaa barruu irraa argame bu'uureffachuun, meeshaalee ragaaleen ittiin funaanaman qopheessuu fi yaaluudhaan yaada keenname irratti hundaa'uun fooyyessuudha. Haaluma kanaan, meeshaalee ragaan ittiin funaaname kunniin Mana Barumsaa Bushooftuu Sadarkaa 2ffaa keessatti akka yaalaman ta'eera. Kana booda, tokkoo tokkoon gaaffiiwwanii gadi fageenyaan xiinxalamaniiru. Kanarraa ka'uudhaan, gaafannoo barsiisotaa keessaa shan, kan barattootaa keessaa sadi, qajeelfama gaaffii fi deebii keessaa sadii fi mirkaneeffata do'ii daree keessaa tokko akka fooyya'an ta'eera. Gaafannoo barsiisotaa irrattis gaaffiin tokko dabalameera.

Itti aansuun, akkaataa gaafannoon itti gaafatamu irratti ibsa barbaachisu kennuun hojiiira akka oolu ta'eera. Dabalataanis, do'iin daree fi gaaffii fi deebiin gaggeeffameera. Kana booda, odeeffannoowwanii fi ragaaleen walitti qabaman qaaceffamanii dhiyaataniiru.

Dirree funaansa ragaa irrattis, qaamolee barnootaa sadarkaa godinaa, aanaa fi mana barumsaa qormaatni kun keessatti gaggeeffame wajjin kaayyoo qormaatichaa ilaalchisee mariyachuudhaan walii galteerra gahuudhaan hojii funaansa ragaa akka raawwatu ta'eera.

### **3.2. Mala Qormaatichaa (Methodology)**

Dhimmi qu'annaa kanaa Mana Barumsaa Amurruu Sadakaa 2ffaa gola barnoota Afaan Oromoo keessaatti hojii garee hojiirra oolchuuf wantoota gufuu ta'an sakatta'uun addaan baasuudha. Waan ta'eef, rakkoolee kanneen addaan basuuf malli qormaataa hojiirra oole mala baay'ina ragaalee agarsiisanii fi ibsuu (descriptive) ti. Malli kun sababiin filatameefis rakkoolee gurguddoo hojiirra oolmaa hojii garee Mana Barumsaa Amurruu Sadarkaa 2ffaa kutaa 9 gola Barnoota Afaan Oromoo keessatti gufachiisan addaan baasee haala quubsaa ta'een ibsuu danda'a jedhee waanan amanee fi.

Kana malees, gaafannoowwan barsiisotaa fi barattootaaf dhiyaatanii deebii argatan lakkaa'amuun erga gurmaa'anii booda, gara dhibbeentaatti jijjiiramanii waan qaacceffamanii fi ibsamaniifi. Itti dabalataanis, yaadonni gaaffii fi deebii irraa argamanii fi do'iin daree walitti kurfaa'anii akka raga dabalataatti mala kanaan (descriptive) xiinxalamuu waan danda'aniifi. Dhuma irratti, ragaalee funaanaman irratti hundaa'uun qaacceessi, ibsi, yaadni gudunfaa fi furmaataa kennameera. Kanaafuu, malli qormaata baay'inaan agarsiisaa ibsuu (descriptive) gaaffilee bu'uuraa qormaata kanaa deebisuuf faayidaa qabeessaa fi sirriidha jedhee fudhadheera.

### **3.3. Maddoota Ragaalee (Sources of Data)**

Ragaaleen dhimma qu'annaa kanaaf oolan maddoota adda addaa irraa walitti qabaman. Maddoonni kun supparvaayzaroota barnootaa sadarkaa godinaa fi aanaa; akkasumas barsiisota, barattootaa fi dura taa'ota mana barumsaati. Dhimma kana ilaalchisee gurmaa'inni gola barnootaa, akkaataan taa'umsa barattootaa fi sirni barnootaa hojiirra jiru akka madda ragaatti fudhatamaniiru.

### **3.4. Tuuta Iddattoo fi Haxa Iddatteessuu (Sample Population and Sampling Technics)**

#### **3.4.1. Tuuta Iddattoo**

Ragaan kun kan funaaname Mana Barumsaa Amurruu Sadarkaa 2ffaa gola barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa keessatti wantoota mala baruu fi barsiisuu hojii garee irratti gufuu ta'an ilaalchisee yoo ta'u, walumaa galatti odeeffannoo barbaachisu argachuuf deebistoota

(respondents) 110 of keessatti hammateera. Isaan kana keessaa supparvaayzaronni barnootaa sadarkaa godinaatti 2 ( $G_1$  fi  $G_2$ ), sadarkaa aanaatti 2 ( $A_1$  fi  $A_2$ ), dura taa'aa fi ittaanaa dura taa'aa mana barumsaa 2 ( $D_1$  fi  $D_2$ ), barsiisota 4 fi barattoonni 100 ta'an qooda fudhataniiru.

#### **3.4.1.1. Barattoota**

Barattoonni gaafannoo deebisuuf filataman hundi barattoota kutaa sagaliiti. Barattoonni kun kan filataman dareewwan kutaa sagalii kudhan irraati. Dareen tokko gidduu galeessaan barattoota 65 ta'an qaba. Dareewwan kurnan kana keessaa barattoota 10,10, (kudhan kudhan) akka feeteedhaan (randomly) galmee daree tokko tokko kessaa shan darbuun 6ffaa filuudhaan gaafannoo akka guutan ta'eera. Haaluma kanaan, barattoonni gaafannoo deebisan dhiira 60 fi dubara 40, walumatti barattoota 100 ta'u. Barattoonni deebistootaa kunis barattoota kutaa sagalii 648 (dh. 374, dub. 274) ta'an bakka bu'u. Baay'inni barattoota deebii kennanii dhibbeentaadhaan 16 ta'a.

#### **3.4.1.2. Barsiisota**

Barsiisonni gaafannoo deebisan afur qofa. Akkuma walii galaatti barsiisonni Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9-12tti barsiisan namoota afur qofa waan ta'aniif, hundisaanii deebistoota akka ta'an fudhatamaniiru. Barsiisonni kunniin dabareedhaan kutaalee hunda keessa barsiisu. Barsiisota hundasaaniitti fayyadamuun immoo ragaa barbaadamu haalaan argachuuf ni tumsa.

#### **3.4.2. Haxa Iddatteessuu**

Deebistoonni qormaatichaa ta'e jedhamanii filatamani. Sababiin isaas deebistoonni kunniin qu'annaa gaggeeffamu wajjin hariiroo cimaa waan qabaniifi. Haxni iddatteessuu kunis qorataan odeeffannoo barbaachisaa fi gooree ta'an akka argatu daran gargaara. Yaadnii fi muuxannoon jara kanaa qu'annichi ga'insaa fi qulqullina akka qabaatu taasisa. Jarri armaan olitti, akka madda ragaatti, deebistoota ta'anii filatamanis kallattiidhaan aangoo fi dhimma qu'annaa kana irratti hirmaannaa gama bulchiinsaa fi hojii irra oolmaasaatiin gahee olaanaa waan qabaniifi.

Deebistoota irratti dabalatees, qu'annaan kun ragaa qulqulluu fi dabalataa akka argatuuf, do'iin daree fi gaaffii fi deebiin taasifameera. Manni barumsaa Amuruus kan filatameef qorataan naannoo kanaa fi hojjetoota barnootaa waan beekuuf, odeeffannoo gahaan irraa argama jedhee waan ama'eefi. Odeeffannoon kunis gara fuula duraatti ga'insaa fi qulqullina barnootaa eegsisuuf bu'aa qabeessa ta'a abdiin jedhu waan tureefi.

### **3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanamuu fi Funaansa Ragaa (Instruments and Procedures for Data Collection)**

#### **3.5.1. Meshaalee Ragaan Ittiin Funaaname**

Adeemsa funaansa ragaalee kana keessatti meeshaaleen bu'uuraa sadi hojiirra oolaniiru. Isaanis, gaafannoo ( questionnaires ) barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaatan, qajeelfama gaaffii fi deebii (interview guide) supparvaayzaroota barnootaa godinaa fi aanaa fi dura taa'ota mana barumsaaf dhiyaatanii fi mirkaneeffata do'ii daree (observation check list) ti. Gaafannoon Afaan Oromootiin kan qophaahe yoo ta'u, caalmaatti gaaffilee deebiinsaanii daangeffaman (close-ended) kan qabuu fi gaaffilee deebiinsaanii hin daangeeffamne (open-ended) muraasa kan hammatudha. Qajeelfamnii fi mirkaneeffanni gaaffii fi deebii fi do'ii darees Afaanuma Oromootiin qophaahani. Gaaffii fi deebiinis haaluma wal faakkaatuun Afaan Oromootiin kan gaggeeffamedha.

#### **3.5.2. Adeemsa Funaansa Ragaa**

Adeemsi funaansa ragaalee xalayaa Yuuniivarsiitii Finfinnee irraa barreeffameen supparvaayzaroota godinaa fi aanaa wajjiin wal baruudhaan eegale. Supparvaayzaroonni aanaa immoo mana barumsaa waliin akka walitti dhufamuu fi kaayyoo qu'annichaa wajjin akka wal baramu haalli mijaaleera. Erga kaayyoon qu'annichaa qorataadhaan qaamolee dhimmi ilaalu wajjin ifa galee booda, gaafannoon 104 qabatamaan barattootaa fi barsiisota fuulduratti akka raabsamu ta'eera. Gaafannoon raabsame hundis guutamee deebi'eera. Iddoo barbaachisaa ta'etti ibsi dabalataa akkaataa itti gaafannoon guutamu irratti kennameera. Gaafannoonis haala gaariin guutamee akka deebi'u ta'eera. Kunis ta'uu kan danda'e marabbaan qaamolee hunda irraa argame, keessattuu, barsiisota, barattootaa fi hoggantoota mana barnootaa irraa argame quubsaa waan ta'eefi. Gaaffii fi deebiinii fi do'iin darees qaamota dhimmi ilaalu wajjin fedhii fi hayyama isaaniitiin raawwateera.

### **3.6. Qindaa'inaa fi Dhiyeessa Gaafannoo Barsiisotaa fi Barattootaa**

#### **3.6. 1. Qindaa'ina Gaafannoo Barsiisotaa fi Barattootaa**

Baay'inni gaafannoowwan barsiisotaa fi barattootaaf dhiyaatanii wal qixa miti. Qabiyyeensaani, garuu, wal fakkaata. Gaafannoon barsiisotaa birkii saddeetitti qoodamee kan dhiyaate yommuu



ta'u, birkiin duraa odeeffannoo dhuunfaa deebistootaa agarsiisa. Inni lammataa immoo, fedhii fi jaalala barattoonni gareedhaan barachuuf qaban kan sakatta'u, birkii sadaffaan, mala baruu fi barsiisuu hojii garee ilaalchisee leenjii, muuxannoo, fedhii fi kaka'umsa barsiisonni qaban hubachuuf kan gurmaa'e dha. Arfaffaan immoo, qophiin sirna barnoota Afaan Oromoo mala hojii gareetiin baruu fi barsiisuuf hangam akka mijaahaa ta'e xiinxaluuf kan dhiyaate. Karaa biraa, birkii shanaffaan gurmaa'inni gola barnootaa dalagaa hojii garee raawwachuuf mijaahaa fi mijaahaa ta'uu dhabuusaa ilaaluuf kan dhiyaate yoo ta'u, jahaffaan dhiibbaa baay'inni barattoota gola tokko keessaa raawwii hojii garee irratti qabu addaan baasuuf kan gurmaayedha. Inni torbaffaan ,garuu, mala hojii gareetiin barsiisuun hangam qulqullina barnoota Afaan Oromoo akka eegsisu sakatta'uuf gaaffii dhiyaate yoo ta'u, inni dhumaa fi saddeettaffaan immoo rakkoollee gurguddoo raawwii hojii garee gufachiisanii fi furmaatasaanii irratti kan xiyyeeffatedha.

Haaluma kanaan, baay'inni gaaffilee barsiisotaaf dhiyaate 41 yommuu ta'u, kan barattootaaf dhiyaate immoo gaaffilee 24. Gaaffileen barattootaa kunis qabxiilee armaan olitti gaafannoo barsiisotaa keessaatti ka'an hunda of keessaatti hammatanii jiru. Sababiin gaafannoon barsiisotaa baay'achuu danda'eefis, irra caalaan hojii garee kan karoorfamu, kan saganteeffamuu fi qindaa'u barsiisotaan waan ta'eef, odeeffannoo bal'aa fi gahaa argachuuf (amantaa qorataa) kan barsiisotaa caalmaatti caccabsanii dhiyeessuun murteessaa ta'ee waan argameefi. Akkaatuma kanaan, gaaffileen bu'uuraa qormaatichaa gaafannoowwan barsiisotaa fi barattootaa keessatti haala barbaachisaa ta'een akka hammataman ta'aniiru. Kana malees, qabiyyeewwan gaafannoowwan kanaa himteewwan sakattaa barruu keessatti dhiyaatanii turan waliin haala wal simataniin akka dhiyaataniif yaaliin godhameera. Adeemsi akkasii immoo kaayyoo qu'annichaa galmaan gaha jedhamee qorataadhaan waan yaadameefi.

### **3.6.2. Dhiyeessa Gaafannoo Barsiisotaa fi Barattootaa**

Haalli dhiyeessa gaafannoowwan kanaa daran filannoodhaan yoo ta'u, filannoowwan kunis yaada garaagaraa waan qabaniif, yeroo tokko tokko deebistoonni carraa bal'aa akka argataniifi iddoo barbaachisaa ta'utti deebii tokkoo ol filatanii akka deebisaniif qajeelfamni kennameera (Dabalee A fi B). Karaa biraa immoo, gaafannoowwan tokko tokko irratti, keessattuu, gaaffiiwwan “eeyyee, lakki, takka takka, yeroo hundaa” fi kanneen biroo ilaalchisee qajeelfamni

deebii tokkoo ol akka kennan kenname hin jiru. Gaaffileen deebiisaanii hin daangeeffamiin kennamanis deebistootaaf yaada dabalataa yookaan yaada hafe jedhamanii tilmaaman akka dabalan haala carraa bal'aa ta'e kennaniin dhiyaataniiru ( Dabalee A fi B ).

Gaafannoon barsiisotaa fi barattootaa haala tasgabbaa'aa fi yeroo mijaahaa ta'e keessatti kan kenname yoo ta'u, barattoonni 100 ta'an yeroo barumsasaanii alatti galma guddaa mana barumsichaa keessatti haala dhiphina taa'umsaa hin qabneenii fi walirraa hin garagalchineen gargaarsa barsiisota sadiitiin gaafannoo akka guutan ta'eera. Barsiisonni gaaffiiwwan 41 dhiyaatanii turan guutuuf gola barsiisotaa (staff room) keessaatti utuu sagantaa hojiisaanii hin tuqiin kan fayyadaman yommuu ta'u, yeroon kennameeffiis daqiiqaa 76 ture. Barattootaa, garuu, gaaffilee 24 akka deebisaniif, daqiiqaa 60tu kennameeffi ture. Sa'aatiin odeeffannoo dhuunfaa kennuuf tajaajiles yeroodhuma kana keessaatti hammatama. Adeemsa kana keessatti barsiisonnis haa ta'an barattoonni, utuu wal hin gaafatinii fi wal hin ilaaliin akka guutaniif carraaqiin taasifameera. As irratti tumsii fi marabbaan dura taa'aa mana barumsaa itti dabalamee haalli naamusaa fi tasgabbi barattootaa fi tumsi barsiisotaa ragaan kun haala barbaadameen raabsamee akka funaanamu gumaata guddaa godheera.

### **3.7. Do'ii Daree (Classroom Observation)**

Do'iin daree haala qabatamaa daree barnootaa irratti hundaa'ee odeeffannoo dabalataa argachuuf sochii taasifamudha. Haluma kanaan, odeeffannoo madda adda addaa irraa argame walitti qabuudhaan kurfeessuu fi sakaattaa barruu irratti hundaa'uun, mirkaneebatni do'ii daree qophaahee ragaan dabalataa akka funaanamu ta'eera. Adeemsi do'iiis sagantaa fi karoora barnootaa qophaahe ka'umsa godhachuudhaan oaree barnootaa keessatti qaamaan argamuun raawwatameera. Kunis dareewwan jiran kudhan keessaa dareewwan jaha kallattiidhaan daawwatamaniiru. Kaayyoonsaas ragaa yeroo sanarratti qabatamaan daree keessatti mul'atu karoora irraa eegalee hanga xumura wayitiitti adeemsa jiru hubachuu fi xiinxaluudhaan deebiiwwan gaafannoowwaniin dhiyaatan deeggaruu dha. Haluma kanaan, mala barsiisonni daree keessatti itti fayyadamanii fi tattaaffii isaan taasisan, hirmaannaa fi fedhii barattootaa, haala gurmaa'ina gola barnootaa, akkaataa taa'umsa barattootaa fi gurmaa'ina isaanii, karoora fi sagantaa hojii garee, galmeen firii barattootaa jiraachuu fi dhiisuu, hordoffii fi madaalliin gaggeeffamuusaa fi baay'inni barattootaa hangam akka ta'e daree jahanuu keessatti do'achuuf

# DABALEEWWAN

## **Dabalee - A** **Yuunivarsiitii Finfinnee** **Sagantaa Digrii 2ffaa** **Koolejii Barnootaa** **Muummee Barnoota Afaanota Itoophiyaa** **Gaafannoo Barsiisotaan Guutamu**

### **Kaayyoo Gaafannichaa**

Kaayyoo guddaan gaafannoo kanaa Barnoota Afaan Oromoo mala hojii gareetiin hirmaannaadhaan Mana Barumsaa Amurruu sadarkaa 2ffaa kutaa 9 keessatti qabatamaan barsiisuuf wantoonni gufuu ta'an maal maal akka ta'an addaan baasuun yaada furmaataa dhiyeessuufi. Waan ta'eef, gaafannoo kana guutuudhaan deebiin isin naa kennitan hundaa ol murteessaa waan ta'eef, bilisaan, ifaa fi amantaan deebii gaafannoo kanaa naa kennuu keessaniif kabaja guddaan qaba. Iccitiin raga kanaas qormaata kanaaf qofa kan oolu ta'uusaa nan mirkaneessa.

### **Guddaa Galatoomaa!**

### **Qajeelfama**

1. Gaafannicha irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.
2. Gaaffiiwwan dhiyaatan erga dubbistanii hubattanii booda, sanduuqa qixa filannoo keessanii jiru keessatti mallattoo "X" kaa'uudhaan deebii keessan agarsiisaa.
3. Gaaffilee filannoo hin qabneef deebii keessan ifaa fi gabaabaa taasisaa kennaa.

78  
- 31  
47

## Gaafannoo Barsiisotaaf Dhiyaate

**Barkii Tokko:** Odeeffannoo Maraa

1.1 Godina \_\_\_\_\_ Aanaa \_\_\_\_\_

Magaalaa \_\_\_\_\_

1.2 . Gahee hojii/taayitaa deebisaa/tuu \_\_\_\_\_

1.3. Umrii waggaa \_\_\_\_\_

1.4. Saala dhi. ☐ Dub. ☐

1.5.Sadarkaa barnootaa

Kutaa 9-10 11-12 ☐ 12+2 ☐ 12 + 4 ☐

1.6.Muuxannoo hojii :

0- 2 ☐ 3- 5 ☐ 6-10 ☐ 11 fi ol ☐

**Birkii Lama**

2.1. Mana Barumsaa Amuruu sadarkaa 2ffaa keessatti barattoonni gareedhaan

barachuuf fedhii isaan qaban ilaalchisee;

1. Barattoonni gareedhaan barachuuf fedhii qabuu?

- a.Fedhii baay'ee guddaa qabu ☐
- b.Fedhiin isaanii gidduu galeessa ☐
- c.Fedhiin isaanii gadi aanaa dha ☐
- d.Fedhii hin qaban ☐

2. Deebiin keessan lakkoofsa 1 “c ykn d” yoo ta’e, rakkoonsaa maal isinitti fakkaata?

(Deebii tokkoo ol kennuun danda’ama). ☐

- a) Hojiin garee sirriitti qindaa’ee waan hin gaggeeffamneef ☐
- b) Jeequmsi waan baay’atuuf ☐
- c) Gareedhaan barachuuf dudduubbeen barattootaa dadhabaa waan ta’eef ☐
- d) Barattoonni walii galanii waan hin hojjenneef ☐
- e) Hojiin garee firii madaallii waan hin qabamneef ☐
- f) Yeroo gahaan waan hin kennamneef ☐
- g) Golli barnootaa mijaahaa waan hin taaneef ☐
- h) Qophiin sirna barnootaa mijaahaa waan hin taaneef ☐
- i) Kan biroo \_\_\_\_\_

3. Hojii garee irratti hirmaannaan barattootaa maal fakkaata?

- a) Hundi isaanii yeroo hunda ni hirmaatu ☐
- b) Takka takka ni hirmaatu ☐
- c) Barattoota muraasatu hirmaata ☐
- d) Lakki, hunduu hin hirmaatan ☐

4. Yoo barattoonni yeroo hunda hin hirmaatan ta'e, sababiin isaa maali?

- a) Gareedhaan barachuu irratti muuxannoo hin qaban ☐
- b) Marii garee irratti yaada kennuu waan sodaataniif ☐
- c) Gochi hojii garee fi qabiyyeen barnootaa waan wal hin simanneef ☐
- d) Barattoonni tokko tokko dursnii yeroo hunda waan dubbataniif ☐
- e) Barattoonni tokko tokko dadhaboo waan ta'aniif hin hirmaatan ☐
- f) Hojiin garee akka feetedhaan waan gaggeeffamuuf fedhii waan hin qabneef ☐
- g) Kan biroo \_\_\_\_\_

5. Mala baruu fi barsiisuu hojii gareetiin yeroo barsiiftan , barattoota keessan sissi'eessaa barsiiftuu?

- a) Eeyyee, yeroo hunda ☐
- b) Eeyyee, yeroo baay'ee ☐
- c) Takka takka qofa ☐
- d) Hin sissi'eessu ☐

6. Mala baruu fi barsiisuu hojii garee keessatti qindoominni barattootaa maal fakkaata?

- a) Qindoomina gaarii ta'etu mul'ata ☐
- b) Qindoomina giddu-galeessaa ta'etu mul'ata ☐
- c) Qindoomina gadi- aanaa ta'etu mul'ata ☐
- d) Qindoominni hin jiru ☐

7. Deebiin keessan lakk. 6 “c ykn d” yoo ta'e , rakkoonsaa maali?

- a) Barattoonni muuxannoo wal fakkatu hin qaban ☐
- b) Hojiin garee sagantaa fi karooraan hin gaggeefamu ☐
- c) Barattoonni gareetiin hojjechuuf fedhii hin qaban ☐
- d) Barattoonni hojii garee hojjechuu irraatti walii hin galani ☐
- e) Bu'aa hojii garee waan hin beekneef, xiyyeeffannoo itti hin kennani ☐
- f) Lakkoofsi miseensota garee baay'ee waan ta'eef, qindeessuun ni rakkisa ☐



8. Hirmaannaa, fedhii fi kaka'umsa barattoonni hojii garee ilaalchisee qaban irratti yaada dimshaashaa nuu kennaa.

---

**Birkii Sadii** ✓

2.2 .Mala baruu fi barsiisuu hojii garee ilaalchisee leenjii, muuxannoo, fedhii fi kaka'umsi barsiisotaa maal akka fakkatu.

1. Yeroo leenjii hojii duraa fudhattan mala baruu fi barsiisuu, keessattuu, hojii garee irratti, leenjii argattaniittuu?

a) Eeyyee ☐ b) Lakki ☐

2. Yoo deebiin keessan lakk.1 “eeyyee” ta’e, leenjiin argattan hojii barsiisuu irratti hangam isin gargaareera?

a) Baay’ee, baay’ee na gargaareera ☐

b) Baay’ee na gargaareera ☐

c) Gidduu galeessa ☐

d) Gadi aanaa dha ☐

e) Nan gargaarre ☐

3. Deebiin keessan lakk. 1 “lakki” yoo ta’e, rakkoon isin mudate jiraa?

a) Rakkoo karoorsuu fi qindeessuu hojii garee ☐

b) Rakkoo gareedhaan barattoota gurmeessuu ☐

c) Rakkoo madaallii hojii garee ☐

d) Rakkoo mata-duree marii filuu ☐

e) Rakkoo hirmaannaa barattootaa guddisuu ☐

f) Rakkoo barattoota wajjiin hojjechuu dadhabuu ☐

g) Kan biroo \_\_\_\_\_

4. Barnoota Afaan Oromoo yeroo barsiiftan mala hojii gareetti fayyadamtuu?

a) Eeyyee ☐ b) Lakki ☐

5. Yoo deebiin keessan lakk. 1, “a” ta’e, hangam itti fayyadamtu?

a) Yeroo hunda ☐

b) Darbee darbee ☐

c) Hamma kana itti hin fayyadamu ☐

d) Gonkumaa itti hin fayyadamu ☐

6. Deebiin keessan lakk. 5, yoo “ c ykn d” ta’e, sababiin isaa maali?

- a) Mala gareetiin barsiisuun hojii waan natti baay’isuuf ☐
- b) Mala gareetiin barsiisuuf fedhii waan hin qabneef ☐
- c) Mala gareetiin barsiisuun waca waan baay’isuuf ☐
- d) Gareetiin barsiisuun yeroo baay’ee waan fudhatuuf, barnoota yerootiin xumuruu waan hin dandeenyeef ☐
- e) Mala gareetiin barsiisuun qulqullina barnootaa waan hin eegsifneef ☐
- f) Gareetiin barsiisuutti waan hin amanneef ☐

7. Mala hojii gareetiin barsiisuuf muuxannoon isin qabdan :

- a) Baay’ee gahaa dha ☐
- b) Gahaa dha ☐
- c) Gadi aanaa dha ☐
- d) Gahaa miti ☐

8. Muuxannoon keessan gadi aanaa fi gahaa miti yoo ta’e, qabannisaa maali?

- a) Barsiisuu reefu waanan jalqabeef ☐
- b) Mala hojii gareetiin barsiisee waan hin beekneef ☐
- c) Mala hojii garee irratti leenjii waan hin arganneef ☐

9. Mala hojii gareetiin barsiisuun hangam isinitti tola?

- a) Baay’ee baay’ee natti tola; fedhii guutuun nan hojjeedha ☐
- b) Baay’ee natti tola; fedhiidhaan nan hojjeedha ☐
- c) Gidduu galeessa; hamma tokko nan hojjeedha ☐
- d) Natti hin tolu; fedhiis hin qabu ☐

10. Mala hojii gareetiin barsiisuun yoo isinitti hin tolu ta’e, sababiin isaa maali?

- a) Barattoonni fedhii waan hin qabneef ☐
- b) Sirni barnootaa hojii garee hojjechiisuuf, mijaahaa waan hin taaneef ☐
- c) Wacaa fi jeequmsa baay’isa waan ta’eef ☐
- d) Qulqullina barnootaa balleessa waan ta’eef ☐
- e) Golli barnootaa mijaa’aa miti waan ta’eef ☐
- f) Leenjii gahaa waan hin qabneef ☐
- g) Muuxannoo waan hin qabneef ☐
- f) Kan biroo \_\_\_\_\_

11. Mala hojii gareetiin barsiisuun baay'ee isin gammachiisa yoo ta'e, bu'aan irraa argamu maali?

- a) Qulqullina barnoota afaan dhalootaa cimsa ☐
- b) Hirmaannaa barattootaa dabala ☐
- c) Mala mariidhaan rakkoo hiikuu guddisa ☐
- d) Ofitti amantaa barattootaaf ni gumaacha ☐
- e) Itti fayyadama afaan dhalootaa ni gabbisa ☐
- e) Kan biroo \_\_\_\_\_

12. Mala baruu fi barsiisuu hojii garee irratti akka walii galaatti muuxannoo, fedhii fi kaka'umsi qabdan maal fakkaata?

**Birkii Afur** ✓

2.3. Qophiin Sirna Barnoota Afaan Oromoo mala hojii gareetiin barsiisuuf hangam akka mijaahaa ta'e;

Gochoonni adda addaa kitaaba barataa fi qajeelcha barsiisaa keessatti kennaman hojii garee hojjechiisuuf mijaahoo fi mijaahoo ta'uu dhabuusaanii agarsiisuuf gabatee kenname keessatti mallattoo "X" kaa'uun sadarkaasaa agarsiisaa.

| T.L | Gochawwan kennaman              | Baay'ee mijaahaa | Mijaahaa | Gidduu galeessa | Gadi aanaa | Mijaahaa miti |
|-----|---------------------------------|------------------|----------|-----------------|------------|---------------|
| 1   | Mata-dureewwan mariif filataman |                  |          |                 |            |               |
| 2   | Gilgaalonni kennaman            |                  |          |                 |            |               |
| 3   | Shaakaloonni dhiyaatan          |                  |          |                 |            |               |
| 4   | Gaaffileen dhiyaatan            |                  |          |                 |            |               |
|     | • Dubbisa duraa                 |                  |          |                 |            |               |
|     | • Dubbisa boodaa                |                  |          |                 |            |               |
|     | • Gaaffilee xumuraa             |                  |          |                 |            |               |
| 5   | Yeroon kenname                  |                  |          |                 |            |               |
| 6   | Qajeelfamoonni kennaman         |                  |          |                 |            |               |
| 7   | Tooftaan ittiin dhiyaatan       |                  |          |                 |            |               |

**Birkii Shan** ✓

2.4. Gurmaa'inni gola barnootaa mala baruu fi barsiisuu hojii gareetiin Barnoota Afaan Oromoo barsiisuuf hangam akka mijaahu.

1. Golli Barnoota Afaan Oromoo keessatti barsiiftan hojii gareef mijaahaa dhaa?

- a) Mijaahaa dha ☐
- b) Mijaahaa miti ☐

2. Mijaahaa miti yoo ta'e, rakkoonsaa maali?

- a) Barcumnii fi minjaalli walitti hidhamanii waan hojjetamaniif, asii fi achi sochoosuuf ni rakkisu ☐
- b) Baay'ina barattootaa irraa kan ka'e golli barnootaa waan dhiphatuuf hin mijaahu ☐
- c) Akka seera mana barumsaatti barcumaa fi minjaala asii fi achi sochoosuun dhorkaa dha ☐
- d) Ifaa fi qilleensa gahaa waan hin qabneef hin mijaahu ☐

3. Akkaataan taa'umsa barattootaa gola barnootaa keessatti hojii garee hojjechuuf mijaahaa dhaa?

- a) Eeyyee ☐
- b) Lakki ☐

4. Yoo deebiin keessan Lakk. 3 lakki ta'e, sababiin maali?

- a) Tarree galanii duubaa fi fuulduraan taa'uu ☐
- b) Fuulleetti wal ilaalaa mariyachuu dhabuu ☐
- c) Marii gareef dursanii gurmaahuu dhabuu ☐

5. Rokkoolee mijaahina gola barnootaa ilaalchisee yaadni biraan yoo jiraate itti nuu dabalaa.

---

### **Birkii Jaha** ✓

2.5 Baay'inni barattootaa hojii garee gola barnootaa keessatti hojiirra oolchuuf hangam akka rakkoo uumu karaa ilaaluun:

1. Baay'inni barattoota gola Barnoota Afaan Oromoo keessa jiru raawwii hojii garee irratti rakkoo uumaa?

- a) Ni uuma ☐
- b) Hin uumu ☐

2. Deebiin keessan "ni uuma" isa jedhu yoo ta'e, sababiin isaa maali?( deebii tokkoo ol danda'ama)

- a) Baay'inni gareewwanii waan heddummatuuf, wacni ni baay'ata ☐
- b) Baay'inni gareewwanii waan heddummatuuf, golli ni dhiphata ☐
- c) Miseensonni garee tokkoo waan baay'ataniif, hundasaanii wal qixa hirmaachisuun ni rakkisa ☐
- d) Hojii garee qindeessuuf ni rakkisa ☐
- e) Barsiisaan garee hunda hordofuu hin danda'u ☐
- f) Barattoota sirriitti madaaluuf ni rakkisa ☐

**Birkii Torba** ✓

2.6 Malli baruu fi barsiisuu hojii garee qulqullina barnoota Afaan Oromoo eegsisuu gama ilaaluun:

1. Mala hojii gareetiin barsiisuun qulqullina barnoota Afaan Oromoo eegsisa jettanii amantuu?

- a) Nan amana ☐ b) Hin amanu ☐

2. Yoo deebiin keessan lakk. 1ffaa “Hin amanu” ta’e, sababiinsaa maali?

- a) Sirriitti qindaa’ee waan hin gaggeeffamneef, qulqullina hin eegsisu ☐  
b) Sirni barnootaa mijaahaa waan hin taaneef, ququllina hin eegsisu ☐  
c) Leenjii fi muuxannoon barsiisotaa gahaa miti ☐  
d) Malli hojiin garee itti dhiyaatu quubsaa miti ☐  
e) Hirmaannan barattootaa gadi aanaa dha ☐  
f) Kan biroo \_\_\_\_\_

3. Barattoota gareetiin barsiisuun dandeettii isaanii gama barnoota afaan dhalootaatiin ni cimsa jettanii yaadduu?

- a) Eeyyee ☐ b) Lakki ☐

4. Yoo deebiin keessan “Lakki” ta’e, qabannisaa maal isinitti fakkaata?

- a) Barattoonni fedhiidhaan hirmaachuu dhabuu ☐  
b) Leenjii fi muuxannoo hojii garee qindeessuu hin qabu ☐  
c) Akkaataan qophii sirna barnootaa hojii gareef mijaahaa miti ☐  
d) Fedhii, jaalallii fi kaka’umsi barsiisotaa gadi aanaa ta’uu ☐  
e) Gurmaa’inni gola barnootaa hirmaannaa barattootaa waan daangessuuf ☐  
f) Baay’inni barattootaa qooda fudhannaa barattootaa waan xiqqeessuuf ☐  
g) Kan biroo \_\_\_\_\_

**Birkii Saddeet** ✓

1. Rakkoolee gurguddoo gola barnoota Afaan Oromoo keessatti hojiirraa oolmaa hojii garee gufachiisu jettanii amantanii fi yaada furmaataa tarreessaa.

---

---

---



**Dabalee - B**  
**Yuunivarsiitii Finfinnee**  
**Sagantaa Digrii 2ffaa**  
**Koolejii Barnootaa**  
**Muummee Barnoota Afaanota Itoophiyaa**  
**Gaafannoo Barattootaan Guutamu**

**Kaayyoo Gaafannichaa**

Kaayyoo guddaan gaafannoo kanaa Barnoota Afaan Oromoo mala hojii gareetiin hirmaannaadhaan Mana Barumsaa Amurruu sadarkaa 2ffaa kutaa 9 keessatti qabatamaan barsiisuuf wantoonni gufuu ta'an maal maal akka ta'an addaan baasuun yaada furmaataa dhiyeessuufi. Waan ta'eef, gaafannoo kana guutuudhaan deebiin isin naa kennitan hundaa ol murteessaa waan ta'eef, bilisaan, ifaa fi amantaan deebii gaafannoo kanaa naa kennuu keessaniif kabaja guddaan qaba. Iccitiin raga kanaas qormaata kanaaf qofa kan oolu ta'uusaa nan mirkaneessa.

**Guddaa Galatoomaa!**

**Qajeelfama**

1. Gaafannicha irratti maqaa keessan barreessuun hin barbaachisu.
2. Gaaffiiwwan dhiyaatan erga dubbistanii hubattanii booda, sanduuqa qixa filannoo keessanii jiru keessatti mallattoo “X” kaa'uudhaan deebii keessan agarsiisaa.
3. Gaaffilee filannoo hin qabneef deebii keessan ifaa fi gabaabaa taasisaa kennaa.

## Gaafannoo Barattoota kutaa 9f Dhiyaate

Godina \_\_\_\_\_ Aanaa \_\_\_\_\_ Mana Barumsaa \_\_\_\_\_

Umrii \_\_\_\_\_ Saala \_\_\_\_\_ Dhi ☐ Dub. ☐

1. Gareedhaan barachuun hangam isin gammachiisa?

- a. Baay'een itti gammada ☐
- b. Nan itti gammada ☐
- c. Hamma tokko itti gammada ☐
- d. Itti hin gammadu ☐

2. Yoo itti hin gammaddan ta'e, rakkoonsaa maali jettanii yaadu? Deebii tokkoo ol kennuun ni danda'ama.

- a. Hojiin garee sirritti qindaa'ee hin gaggeeffamu ☐
- b. Jeequmsi ni baay'ata ☐
- c. Muuxannoo gareedhaan hojjechuu hin qabu ☐
- d. Barattoota garee koo wajjin walii hin gallu ☐
- e. Hojiin garee madaalamnee qabxiin waan hin kennamneef ☐
- f. Yeroon waan hin geenyeeff ☐
- g. Golli barnootaa mijaahaa waan hin taaneef ☐
- h. Haalli qophiin sirna barnootaa mijaahaa waan hin taaneef ☐
- i. Kan biroo \_\_\_\_\_

3. Gareedhaan barachuun ni ulfaataa?

- a. Eeyyee ☐ b. Lakki ☐

4. Yoo deebiin keessan lakk. 3, "a" ta'e sababiin isaa maali?

5. Yoo deebiin keessan laak. 3, "b" ta'e bu'aa maalii irraa argattan? Deebii tokkoo ol kennuun ni danda'ama.

- a. Ifaa fi bilisaan dubbachuu na dandeessisa ☐
- b. Mata-duree marii irraa beekumsa gahaa ta'e akkan argadhu na gargaara. ☐
- c. Mala-gareedhaan rakkoo hiikuu na barsiisa. ☐
- d. Ofitti amane hojjechuuf na gargaara ☐
- e. Kaka'umsa akkan argadhu na taasisa ☐
- f. Barsiisatti hirkachuu irraa bilisa na baasa ☐
- g. Sodaa malee akkan baradhu na taasisa ☐
- h. Kan biroo \_\_\_\_\_

6. Yeroo gareedhaan mariyattan carraa qooda fudhachuu (hirmaachuu) wal qixa argattuu?

- a. Eeyyee, yeroo hunda ☐
- b. Eeyyee, takka takka ☐
- c. Barattoota muraasatu carraa argata ☐
- d. Lakki, carraa hin argadhu ☐

7. Yoo deebiin keessan 'b', 'c' ykn 'd' ta'e sababiin isaa maali? (Deebii tokkoo ol kennuun danda'ama).

- a. Qooda fudhachuuf nan saalfadha ☐
- b. Gareedhaan mariyachuun jeequmsa waan qabuuf ☐
- c. Carraa yaada kennuu waan hin arganneef ☐
- d. Mata-duree garee irratti waan hin gammanneef. ☐
- e. Waa'ee mata-durichaa waan hin beekneef ☐
- f. Yeroo hunda barattootuma murtaa'antu dubbata ☐
- g. Kan biroo \_\_\_\_\_

8. Mala baruu fi barsiisuu hojii gareetiin yeroo baratan , barsiisonni keessan isin sissi'eessaa barsiisuu?

- a. Eeyyee, yeroo hunda ☐
- b. Eeyyee, yeroo baay'ee ☐
- c. Takka takka qofa ☐
- d. Hin sissi'eessan ☐

9. <sup>Fedhi</sup> Leenjii, fi kaka'umsi barsiisotaa mala hojii gareetiin barsiisuuf gahaa isinitti fakkaataa?


- a. Eeyyee ☐
- b. Lakki ☐

10. Yoo deebiin keessan 'b' ta'e sababiinsaa maal isinitti fakkaata?

- a. Fedhii fi kaka'umsa hin qaban ☐
- b. Sirriitti qindeessanii hin dhiyeessan ☐
- c. Leenjiinsaani gahaa hin fakkaatu ☐
- d. Hojii garee irratti qophaanii hin dhufan ☐

11. Mala hojii gareetiin barsiisuuf muuxannoon barsiisotaa;

- a. Baay'ee gahaa dha ☐
- b. Gahaa dha ☐
- c. Gadi aanaa dha ☐
- d. Gahaa miti. ☐



12/ Haalli qophii sirna barnootaa gareedhaan barachuuf mijaahaa dha?

- a. Mijaahaa dha ☐ b. Mijaa miti ☐

13. Yoo deebiin keessan lakkoofsa 12, 'b' ta'e sababiin isaa maalii? (deebii tokoo ol kennuun ni danda'ama).

- a. Gilgaalonni dhiyaatan hojii gareef xiyyeeffannoo hin kennan ☐  
b. Shaakaloonni kennaman hojii gareef mijaahoo miti ☐  
c. Qajeelfamni ifaan kitaaba barataa keessatti hojii garee hojjechiisuuf hin teenye ☐  
d. Gaaffileen dhiyaatan gocha hojii gareef waan hin tumsineef ☐  
e. Mata-dureewwwan mariif filataman waan nan hawwanneef ☐  
f. Tooftaaleen ittiin dhiyaatan waan ofitti nan hawwanneef ☐  
g. Mijaahaa dha; garuu barsiisaan xiyyeeffannoo itti hin kennu ☐  
h. Kan biroo \_\_\_\_\_

14. Golli barnootaa isin keessatti barattan hojii gareetiin barachuuf mijaahaa dhaa?

- a. Mijaahaa dha ☐ b. Mijaahaa miti ☐

15. Yoo deebiin keessan lakkoofsa 14 'b' ta'e, rakkoon jiru maalii? (deebii tokkoo ol danda'ama)

- a. Golli barnootaa dhiphaa waan ta'eef, gareedhaan hojjechuuf hin mijaa'u. ☐  
b. Barcumnii fi minjaalli edduma tokko dhaabbataa waan ta'aniif akka garaa socho'anii gareedhaan hojjechuuf ni rakkisa ☐  
c. Barcumaa fi minjaala sochoosuun dhorkaa dha. ☐  
d. Ifaa fi qilleensa gahaa waan hin qabneef, hin mijaa'u. ☐

16. Akkaataan taa'umsa barattootaa hojii garee hojjechuuf mijaahaa dhaa?

- a. Eeyyee ☐ b. Lakki ☐

17. Yoo deebiin keessan lakk. 16 "lakki" ta'e sababiinsaa maali?

- a. Tarree galanii duubaa fuulduraan taa'uu ☐  
b. Fuulleetti wal ilaalaa mariyachuu dhabuu ☐  
c. Marii gareef gurmaa'uu dhabuu ☐

18. Baay'inni barattootaa gola barnoota Afaan Oromoo keessa jiruu hojii garee raawwachuuf rakkoo ni uumaa?

- a. Ni uuma ☐ b. Hin uumu ☐

19. Deebiin keessan “ ni uuma” isa jedhu yoo ta’e,sababiinsaa maali? (Deebii tokkoo ol danda’ama).

- a. Baay’inni gareewwanii waan heddumatuuf, wacni ni baay’ata ☐
- b. Baay’inni gareewwanii waan heddummatuuf golli ni dhiphata ☐
- c. Miseensonni garee tokkoo waan baay’ataniif, carraan wal qixa hirmaachuu hin jiru ☐
- d. Hojii garee qindeessuuf ni rakkisa ☐
- e. Barattoota sirriitti madaaluuf ni rakkisa ☐
- f. Barsiisaan garee hunda hordofuuf ni rakkisa ☐

20. Hojiin garee qulqullina barnoota Afaan Oromoo ni eegsisu jettanii amantuu?

- a. Nan amana ☐
- b. Hin amanu ☐

21. Yoo deebiin keessan lakk. 20 “ Hin amanu” ta’e qabannisaa maali?

- a. Sirriitti qindaa’ee waan hin gaggeeffamneef, qulqullina hin eegsisu ☐
- b. Sirni barnootaa mijaahaa waan hin taaneef, ququllina hin eegsisu ☐
- c. Leenjii fi muuxannoon barsiisotaa gahaa miti ☐
- d. Malli hojiin garee itti dhiyaatu quubsaa miti ☐
- e. Hirmaannaan barattootaa gadi aanaa dha ☐
- f. Kan biroo \_\_\_\_\_

22. Barattoota gareetiin barsiisuun dandeettii isaanii gama barnoota afaan dhalootaatiin ni cimsa jettanii yaadduu?

- a. Eeyyee ☐
- b. Lakki ☐

23. Yoo deebiin keessan “Lakki” ta’e, qabannisaa maal isinitti fakkaata?

- a. Barattoonni fedhiidhaan hirmaachuu dhabuu ☐
- b. Leenjii fi muuxannoo hojii garee qindeessuu hin qabu ☐
- c. Akkaataan qophii sirna barnootaa hojii gareef mijaahaa miti ☐
- d. Fedhii, jaalallii fi kaka’umsi barsiisotaa gadi aanaa ta’uu ☐
- e. Gurmaa’inni gola barnootaa hirmaannaa barattootaa waan daangessuuf ☐
- f. Baay’inni barattootaa qooda fudhannaa barattootaa waan xiqqeessuuf ☐
- g. Kan biroo \_\_\_\_\_

24. Rakkoollee gurguddoo hojiirra oolmaa hojii garee gufachiisu jettanii yaaddan kan biroo tarreessaa. Yaada furmaataas kennaa.

---

---

---

**Dabalee - C**  
**Yuunivarsiitii Finfinnee**  
**Sagantaa Digrii 2ffaa**  
**Koolejii Barnootaa**  
**Muummee Barnoota Afaanota Itoophiyaa**  
**Mirkaneeffata (checklist) Do'ii Daree**

**Kutaa 9, daree \_\_\_\_\_, Guyyaa \_\_\_\_\_**

1. Adeemsi baruu fi barsiisuu haalaan qindaa'eeraa ?
  - Karoorfameeraa ?
  - Barattoonni gareedhaan dursanii gurmaa'aniiruu?
  - Mata-dureen marii duraan filatamemoo yeruma sana kenname?
  - Qajeelfamni ifaa fi barbaachisaa ta'e kennameeraa?
2. Hojiin dhuunfaa fi garee xiyyeeffannoon kennameefii gaggeeffamaa jiruu ?
  - Barsiisaan gola keessa naanna'ee barattoota to'ataa?
  - Rakkoo marii garee irratti barattoota gargaaraa?
  - Barattoonni gareenis ta'e dhuunfaan haala kamiin hirmaataa jiru?
3. Barattoonni hundinuu gochaalee kennaman irratti wal qixa hirmaataa jiruu ?
  - Barattoonni fedhii fi kaka'umsaan hirmaatuu?
  - Barattoonni hundi wal qixa hirmaatuu?
  - Fuula barattootaa irratti gamaachuun ni mul'ataa?
4. Barsiisaan barattoota sissi'eessuuf tooftaalee attamiitti fayyadamaa jira ?
  - Mata-duree marii wajjin wal barsiisaa?
  - Ibsa gabaabaa kennaa?
  - Barattootasaa ni gorsaa; ni jajjabeessaa?
  - Gaaffii fi deebiidhaan odeeffannoo akka argatan gargaaraa?
5. Barattoota dhuunfaa yookaan gareewwan hojii garee hojjetan ni galateeffataa?
  - Hamilee barattootaa ni eegaa; ni kabajaa?
6. Barsiisaa fi barttoota jidduutti haalli marabbaadhaan hojjechuu ni jiraa?
  - Barsiisaa fi barattoota jidduutti walii galteen ni mul'ataa?
  - Wal kabajuu fi wal gargaaruun ni mul'ataa?



- Barattoonni gaaffii dhiyaatuuf fedhiidhaan deebisuuf yaaluu?
  - Barsiisaan deebii barattootaa ni dinqisiifataa? Mufii malee fudhataa?
7. Barsiisaan barattootasaa jaalalaan simatee barsiisaa yookaan qajeelchaa?
- Barsiisaan barattootasaa haala gaariin simataa?
  - Barsiisaan yeroo eegee gola barnootaa gala?
8. Adeemsi baruu fi barsiisuu haala naamusaa qabuu fi nagaadhaan gaggeeffamaa?
- Barattoonni naamusa eeganii hojii garee hojjetuu?
  - Barattoota jidduutti walii galteen ni mul'ataa?
  - Yeroo gareedhaan hojjetan sagaleen baay'atee jeequmsa uumaa?
9. Haalli madaallii fi hordoffii barattootaa maal fakkaata ?
- Barsiisaan barattoota dhuunfaa fi gareef xiyyeeffannoo kennee ni hordofaa?
  - Barsiisaan raawwii barattoota dhuunfaa fi garee ni madaalaa?
  - Firii barattootaa galmeessuudhaan madaalaa?
10. Haalli gurmaa'ina golaa fi akkaataan taa'umsa barattootaa maal fakkaata ?
- Akkaataan barcumnii fi minjaalli itti hojjetamee fi gurmaa'e hojii garee hojjechuuf mijaahaa dha?
  - Baay'inni barattoota gola keessaa maal fakkaata?
  - Bal'inni gola barnootaa gahaa dhaa?
  - Golli barnootaa ifaa fi qilleensa gahaa qabaa?
  - Akkaataan taa'umsa barattootaa maal fakkaata?
11. Galmeen tokkoo tokkoo barataaf qabamu ni jiraa ?
12. Yeroon hojii fi marii gareef kenname gahaa dhaa ?
13. Baay'ina barattoota daree keessaa:

Dhiira \_\_\_\_\_ Dubara \_\_\_\_\_ W/t \_\_\_\_\_

**Dabalee - D**  
**Yuunivarsiitii Finfinnee**  
**Sagantaa Digrii 2ffaa**  
**Koolejii Barnootaa**  
**Muummee Barnoota Afaanota Itoophiyaa**  
**Qajeelfama Gaaffii fi Deebii (Interview Guide)**

**Gaaffii fi Deebii Supparvaayzaroota Godinaa, Aanaa fi Hoggantoota Mana Barumsaaf dhiyaate.**

Kaayyoo guddaan gaaffii fi deebii kanaa Mana Barumsaa Amurruu sadarkaa 2ffaa gola barnoota Afaan Oromookeessatti wanttoota hojiirra oolmaa hojii garee gufachiisan irratti odeeffannoo funaanuudhaan rakkoolee jiran addaan baasuu fi yaada furmaataa kennuu dha. Waan ta'eef, karaa kanaan hirmaannaa gochuudhaan deebii isin nuu kennitan qu'annaa gaggeeffamu kanaaf bu'aa olaanaa qaba. Odeeffannoon isin nuu keennitanis icciitiidhaan qabamee dhimma qormaata kanaaf qofa kan oolu dha.

**Galatoomaa!**

1. Malli baruu fi barsiisuu barattoota sissi'eessaa fi hirmaachisaa barsiisu isa kami jettanii yaaddu?
2. Malleen baruu fi barsiisuu kana keessaa iddoon mala hojii gareetiin barsiisuu hammami?
3. Akka hubannoo fi hordoffii keessaniitti, hojiin garee gola barnoota Afaan Oromoo keessatti  
haala kamiin hojiirra oola?
  - Karooraa fi sagantaa qabaa?
  - Qindaa'ee dhiyaataa?
  - Golli barnootaa fi barattoonni dursanii gurmaa'uu?
  - Galmeen barattootaa mijaahaa jiraa?
  - Barattoonni hirmaannaasaaniif madaalamanii qabxii argatuu?
4. Barattoonni marii fi hojii garee irratti fedhii fi gammachuudhaan hirmaatuu?
  - Hundisaanii,
  - Walakkaansaani,

- Tokko tokkoonsaanii,
  - Hunduu hin hirmaatan,
5. Yoo bal'innaan hin hirmaatan ta'e, rakkoonsaa maali jettanii yaaddu?
  6. Mala hojii gareetiin barsiisuu irratti leenjii, muuxannoo fi fedhiin barsiisotaa maal fakkaata? Yoo hanqina qabaate attamitti fooyya'a jettanii yyaaddu?
  7. Haalli qophii sirna barnootaa gochaalee hojii gareef mijaahaa dhaa?
  8. Gurmaa'inni gola barnootaa mala hojii gareetiin barsiisuuf mijaahaa dhaa?
  9. Mijaahaa miti yoo ta'e rakkoonsaa maali?
    - Haala tolfama barcumaa fi minjaalaa
    - Baay'ina baraattootaa fi hanga golaa
    - Haala yookaan akkaataa taa'umsa barattootaa
    - Ifaa fi qilleensa gola barnootaa
  10. Mala hojii gareetiin barsiisuun qulqullina barnoota Afaan Oromoo ni eegsisaa jettanii amantuu? Attamitti?
  11. Wantoonni gurguddoon dalagaa hojii garee gufachiisu jettanii yaaddan maal maal fa'i?
  12. Rakkoolee ka'an kanaaf yaadni furmaataa maali jettanii yaaddu?

## Dabalee - E

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Sagantaa Digrii 2ffaa**

**Koolejii Barnootaa**

**Muummee Barnoota Afaanota Itoophiyaa**

**Cuunfaa Yaadaa Supparvaayzaroonni Godinaa fi Aanaa fi  
Dura-Taa'oonni Mana Barumsaa Kennan**

| T.L | Maqaa                                | Gahee Hojii   | Muuxannoo walii galaa | Supparvaazarummaa n/ D. Taa'ummaan | Sadarkaa Barnootaa |
|-----|--------------------------------------|---------------|-----------------------|------------------------------------|--------------------|
| 1   | Abbabaa Maammoo(G <sub>1</sub> )     | Sup. Godinaa  | 24                    | 1                                  | B.A                |
| 2   | Ibsaa Abbooma (G <sub>2</sub> )      | Sup. Godinaa  | 14                    | 1                                  | B.A                |
| 3   | Abbabaa Zoodee (A <sub>1</sub> )     | Sup. Aanaa    | 24                    | 3                                  | 12+3               |
| 4   | Bayyanaa Dhugaasaa(A <sub>2</sub> )  | Sup. Aanaa    | 21                    | 5                                  | 12+2               |
| 5   | Taaddalaa Baqqalaa (D <sub>1</sub> ) | D. Taa'aa     | 15                    | 2                                  | B.A                |
| 6   | Laggaas Umar (D <sub>2</sub> )       | I/A/D. Taa'aa | 5                     | 1                                  | 12+2               |

### 1. Deebii Supparvaayzaroonni Godinaa Kennan

1.1.Malli si'aa'inaan barsisuu fi hirmaachisaa ta'e isa kami gaaffii jedhuuf:

Hojii garee, hojii daree fi hojii manaa, akkasumas diraamaa jechuun

Deebisaniiru (G<sub>1</sub>).

1.2.Malli baruu fi barsiisuu hojii garee hojii barnootaa kessaatti iddoo olaanaa qaba (G<sub>2</sub>).

1.3.Akka hubannoo fi hordoffi keessaniitti hojiin garee gola barnoota Afaan Oromoo keessatti hojiirra oolaa jiraa, gaaffii jedhuuf;

Takka takka karoora qaba; sagantaa hin qabu; qindaa'ee hin dhiyaatu; gollii fi barattoonni gurmaa'oo miti; galmeen barattootaa fi qabxiin madaalliif kennamu hin jiru jechuun deebii kennaniiru.

1.4 Barattoonni marii fi hojii garee irratti fedhii fi gammachuudhaan hirmaatuu?

Haalli gola barnootaa fi akkaataan dhiyeessa baranootaa waan hin

mijooftneef, barattoonni irra caalaan hin hirmaatan. Barattoonni baay'een

barattoota ciccimoo muraasa irratti hirkatu (G<sub>1</sub> fi G<sub>2</sub>).

1.5 Maaliif bal'inaan hin hirmaatan gaaffii jedhuuf;

Barattoonni palaazmaan waan barataniif yeroon hin gahu, barsiisonni irra caalaan

ijoollee waan ta'aniif, barumsa hojii garee qindeesanii fi hawwataa taasisanii

waan hin dhiyeessineef(G<sub>1</sub>).

1.6 Mala hojii gareetiin barsiisuu irratti leenjii, muuxannoo fi kaka'umsi barsiisotaa maal fakkaata?

Barsiisonni ijoollee waan ta'aniif muuxannoo dhabuurraa kan ka'e itti yaadanii hin qophaahan, hin hojjetanis. Saayinsiisaatu jira malee qabatamaan hin jiru ( $G_1$ ). Barsiisota irratti hojiin waan baay'atuuf, hojii gareetiin barsiisuuf yeroo hin qaban; barattoonni gola tokkoo baay'ee waan ta'aniif, hojii garee gaggeessuuf hin mijaahu jedhanii barsiisoonni waan yaadan fakkaatu ( $G_2$ ).

1.7 Haalli qophii sirna barnootaa raawwii hojii gareef mijaahaa dhaa?

Kitaaba waan hin madaalleef hin beeknu ( $G_1$  fi  $G_2$ ).

1.8 Gurmaa'inni gola barnootaa mala hojii gareef mijaahaa dhaa?

Mijaahaa miti ( $G_1$  fi  $G_2$ ).

1.9 Sababiinsaa maalii gaaffii jedhuuf immoo:

Golli barnootaa sadarkaasaa eegge kan ijaarame miti. Dhiphaa dha. ( $G_1$  fi  $G_2$ )  
Barcumnii fi minjaalli barattootaa mijaahaa miti; inni jiruyyuu caccabaa dha ( $G_1$  fi  $G_2$ ).

1.10 Malli baruu fi barsiisuu hojii garee qulqullina barnoota Afaan Oromoo ni eegsisa jettanii yaadduu?

- Ni eegsisa. Sababiinsaas barattoonni yoo waliin dubbatan, falmanii fi haasa'an hundaa ol qulqullinni barnootaa waan eegamuuf ( $G_1$  fi  $G_2$ ).

1.11. Rokkoolee gurguddoo hojii garee gufachiisan:

- Barattoonnii fi barsiisonni fedhii dhabuu ( $G_2$ ),
- Hanqina daree irraa kan ka'e golli barnootaa dhiphachuu ( $G_1$  fi  $G_2$ ),
- Hanqinni barcuma fi minjaalaa jiraachuu ( $G_1$  fi  $G_2$ ),
- Hanqina barsiisota sadarkaa barsiisan wajjin wal gituu ( $G_1$ ),
- Baay'ina barattootaa ( $G_1$  fi  $G_2$ ),
- Hanqina Bajataa ( $G_1$  fi  $G_2$ ),
- Hanqina kitaaba dabalataa ( $G_2$ ),

1.12 Furmaata rakkooolee armaan oliif jarri lachan kennan:

- Barsiisotaaf leenjiiin adda addaa gama mootummaatiin utuu kennamee,
- Hirmaannaan uummataa fi mootummaa utuu cimee,
- Hordoffiin utuu taasifamee.

## 2. Deebii Supparvaayzaroonni Aanaa Kennan

### 2.1 Malli si'aa'inaan barsiisuu fi hirmaachisaa ta'e isa kami?

-Hojiidhaan barachuu, marii garee, do'attanii gabaasa dhiyeessuu, falmii fi gaaffii fi deebii dha jechuun debii kennaniiru ( $A_1$  fi  $A_2$ ).

### 2.2 Malli baruu fi barsiisuu hojii garee hojii barnootaa keessaatti iddoo attamii qaba ?

- Iddoo guddaa qaba. Keessatuu afaan barachuu keessatti waliin dubbatanii yaada ofii sirriitti dhiyeeffachuuf, rakkoo ofii ibsuufi walii galuuf baay'ee gargaara ( $A_1$ ).

### 2.3. Akka hubannoo fi hordoffii keessaniitti hojiin garee gola barnootaa Afaan Oromoo keessatti haala kamiin gaggeeffamaa?

-Qindaa'ee hin gaggeeffamu, sagantaa fi karoora hin qabu, golli barnootaa fi barattoonni gurmaa'oo miti, barattoonni madaalamanii qabxiin hin kennamu ( $A_1$  fi  $A_2$ ). Sababiinsaas barsiisoonni gahumsaa fi dandeettii waan hin qabneef, gola barnootaa fi barattoota sirriitti qajeelchuu hin danda'ani.

### 2.4 Barattoonni marii fi hojii garee irratti fedhii fi jaalalaan hirmaatuu?

-Barattoonni ciccimoonii fi barattoota giddu-galeessaa keessaa muraasni ni hirmaatu. Baay'een barattootaa, garuu, hin hirmaatan ( $A_1$ ). Sababiin kanaaf kennames barattoonni fi barsiisonni hojiin garee jijjiirama fida jedhanii waan hin amanneef, barattoonni dadhaboon barattoota cimoo irratti waan hirkataniif ( $A_1$ ). Barattoonni dadhaboon barattoota cimoof maallaqayyuu ni kennu. Kunis qurumsa akka isaanii kennaniif karaa saaqa ( $A_2$ ).

### 2.5 Maaliif bal'inaan hin hirmaatan?

-Barattoonni gar-malee waan baay'ataniif, barsiisaan addaan baasee gargaarsa kennuu hin danda'u; barsiisonni pilaazmaatu barsiisa jechuun qophii hin godhan; barattoonni baay'een ofirratti amantaa hin qaban; isaan cimoorratti hirkatu; hatanii darbuun waan jiruuf barattoonni hojii gareettii of hin dhiphisan ( $A_1$  fi  $A_2$ ).

### 2.6 Mala hojii gareetiin barsiisuu irratti leenjii, muuxannoo fi kaka'umsi barsiisotaa maal fakkaata?

-Barsiisonni leenjii qabna jedhanii haa dubbatan malee, barattoonni ofiin hojjenii beekumsa argatu kan jedhu sammuusaanii keessa kan jiru hin fakkaatu ( $A_1$ ).

-Barsiisonni hojii gareetiin barsiisuuf nuffii fi humna laafina qabu ( $A_1$  fi  $A_2$ ).

-Muuxannoo gahaas hin qaban ( $A_1$  fi  $A_2$ ).



2.7 Haalli qophii sirna barnootaa hojii gareef mijaahaa dha?

-Utuu sirriitti itti hojjetamee baay'ee mijaahaa dha ( $A_1$  fi  $A_2$ ).

2.8. Gurmaa'inni gola barnootaa hojii gareef mijaahaa dhaa?

-Mijaahaa miti.

2.9 Sababii mijaahina dhabuu gola barnootaa:

-Manni barumsaa kun istaandaardiisaa eegee mootummaatiin kan ijaarame miti.

Uummataan kan ijaarame ( $A_1$ ). Kanaafuu, golli dhiphaa waan ta'eef barattoonni hedduun gola tokko keessa taa'uuf dirqamu ( $A_1$  fi  $A_2$ ). Kun immoo hojii gareef hin mijaahu, ni dhiphata. Humni barsiisaa sirriitti leenji'e hin jiru waan ta'eef barattoota daree tokkotti dachaasanii barsiisuun mana barumsaa kana keessatti dirqama. Barcumnii fi minjaalli gahaa miti ( $A_1$  fi  $A_2$ ).

2.10. Malli baruu fi barsiisuu qulqullina barnoota Afaan Oromoo ni eegsisaa?

-Baay'ee eegsisaa ( $A_1$  fi  $A_2$ ). Sababiin isaan kennan walitti qabamuun dhiyaateera. Afaan Oromoo ni guddisa, haala ammayyatiin barsiisuu fi barnoota kaan haala salphaa ta'een ittiin barsiisuuf guddaa ni gumaacha, dandeettii barattootaa cimsuun qulqullina barnoota Afaan Oromoo ni eegsisaa, Afaan Oromoo sadarkaa olaanaatti baratamuufis bu'uura ta'a jechuun deebisaniiru.

-Faayidaa hojii gareerraa argamus yoo ibsan- barataan ofitti amanee akka hojjetu taasisa, ija laafina barataa ni hammibisa, barataan akka hojjetaa baratu taasisa, mariyatee walirraa baruu danda'a, mala rakkoo hiikuutiin barachuu danda'a.

2.11. Rakkoollee gurguddoo hojii garee gufachiisan:

- Hanqina dareerraa kan ka'e dhiphina golaa fi baay'ina barattootaa ( $A_1$  fi  $A_2$ ),

-Fedhii dhabuu barattootaa ( $A_1$  fi  $A_2$ )

-Barcumnii fi minjaalli mijaahaa ta'uu dhabuu ( $A_1$  fi  $A_2$ ),

-Fedhii fi muuxannoo dhabuu barsiisotaa ( $A_1$  fi  $A_2$ ),

-Leenjiin barsiisotaa haala ammayyaatiin kennamuu dhabuu ( $A_1$ ),

-Sadarkaan barnoota barsiisotaa dippiloomaa ta'uun barnoota sadarkaa 2ffaa kennuu irratti rakkoo uumuu ( $A_1$  fi  $A_2$ ),

-Barnoota Afaan Oromoo barsiisuu irratti mata-dureewwan marii aadaa fi seenaa yoo ta'an qaama biraatiin (dhaaba Siyaasaatiin) akka yakka siyaasaatti ilaalamuu ( $A_1$  fi  $A_2$ ).

2.12. Yaada furmaata rakkoolee kanaa irratti deebii jaraa kan wal faakkatantu dhiyaate.

- Daree dabalataan ijaaruun hanqina daree furuu,
- Baay'ina barattootaa haala istandaardii mootummaatiin gurmessuu,
- Hanqinni barcumaa fi minjaalaa qindoomina mootummaa fi hawaasaatiin furuu,
- Leenjiin hojiirraa yeroo yerootti barsiisotaaf utuu kennamee,
- Barnoonni dhiibbaa siyaasaa irraa utuu bilisa ta'ee,
- Bajata barattootaaf ramadameen meeshaaleen barbaachisan utuu bitamanii,
- Sadarkaan barnoota barsiisotaa dippiloomaa irraa digriitti utuu fooyya'ee,
- Baay'inni barsiisotaa utuu dabalee,
- Miindaan barsiisotaa fooyya'uu dhabuun fedhiisaanii waan hir'isuuf, utuu fooyya'ee,
- Barattoonni yoo qorumsa biyyoolessaa kufan kaffalee waan barsiisuuf, barattoonni dhimmamanii barachuuf fedhii hin qaban.

### 3. Deebii Hoggantoonni Mana Barumsaa Kennan.

3.1 Malli si'aa'inaan barsiisuu fi hirmaachisaa ta'e isa kami?

- Yoo barataa fi barsiisaan walii galanii hojjetani dha ( $D_1$ ),
- Mala barattoonni gareetiin hirmaachuu ( $D_2$ ),
- Bulchiinsa mana barumsaa, barsiisotaa fi barattoota jidduu yoo walii galteen uumame ( $D_1$  fi  $D_2$ ).

3.2 Malli baruu fi barsiisuu hojii garee hojii barnootaa keessatti iddoo attamii qaba?

- Akka walii galaatti iddoo guddaa qaba. Garuu hojiirra oolaa hin jiru ( $D_1$ ).
- Sababiin kennames- haala imaammataatiin barattoota 40tu gola tokko keessatti barachuu qaba. Haa ta'u malee barattoota 90 ta'antu gola tokko keessa jira ( $D_1$ )

3.3 Akka hubannoo fi hordoffii keessaniitti hojiin garee gola barnoota Afaan Oromoo keessatti haala kamiin gaggeeffama?

- Akka walii galaatti gaggeeffamaa hin jiru ( $D_1$  fi  $D_2$ ).
- Sababiin kennames : barchumnii fi minjaalli barattootaa mijaahaa ta'uu dhabuu, hanqina daree fi barsiisotaa( $D_1$  fi  $D_2$ ) ta'uu eeraniiru.

3.4 Barattoonni marii fi hojii garee irratti fedhii fi jaalalaan hirmaatuu?

- Waggaa lamaa fi sadii as Afaan Oromoo irratti fedhii fi kaka'umsaan hirmaatu.

Kanarrattuu gaaffii barumsi hunduu hanga kutaa 9 fi 10tti utuu Afaan Oromootiin ta'ee jedhu jechuun ibsaniiru(D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>).

3.5 Leenjii, muuxannoo fi fedhiin barsiisotaa hoo?

-Leenjii kallatiidhaan qabu, garuu gahaa miti (D<sub>1</sub>),

-Fedhii fi kaka'umsa gaarii qabu (D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>),

-Malleen gaggaariitti fayyadamu (D<sub>2</sub>),

-Muuxannoon isaanii gahaa miti (D<sub>1</sub>).

-Leenjii hojiirraa dhabuu (D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>).

3.6 Qophiin sirna barnoota Afaan Oromoo hojii gareef mijaahaa dhaa?

-Looga irratti rakkoo xiqqoon jira malee baay'ee mijaahaa dha (D<sub>1</sub>).

3.7 Gurmaa'inni gola barnootaa hojii gareef mijaa dhaa?

-Gonkumaa mijaahaa miti (D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>).

3.8 Sababii kenname:

-Kan dhalli namaa keessa taa'ee baratu miti (D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>),

-Golli dhiphaa waan ta'eef barattoonni walitti ukkamamanii baratu(D<sub>2</sub>),

-Barcuma tokkorra barattoota 5-7tu irra taa'a (D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>),

-Manni barumsaa uummataan waan ijaarameef, istaandaardii hin guutu(D<sub>1</sub>),

-Barcumnii fi minjaalli kan uummataan qottoon soofamee hojjetame malee kan mootummaatiin hojjetame tokkolle jiraachuu dhabuun rakkoo olaanaa dha (D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>),

-Gola barnootaa keessatti barsiisaan barcumaa minjaala hin qabu (D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>),

3.9 Malli hojii garee qulqullina barnoota Afaan Oromoo ni eegsisaa?

-Eeyyee, Sirriitti eegsisa(D<sub>1</sub> fi D<sub>2</sub>). -Barattoota eeggattummaa jalaa baasa,

-Barattoonni walirraa baratu,

-Hirmaannaa barattootaa cimsa

-Waa kalaquuf ni gargaara,

-Hordoffii barsiisaaf ni tumsa,

-Dandeettii barattootaa ni cimsa

-Ququllina barnootaa ni eegsisa,

-Qophii barsiisotaa fi barattootaa daran cimsa.

3.10 Rakkoolee gurguddoo raawwii hojii gareef gufuu ta'an:

- Hanqina dareerraa kan ka'e barattoonni baayachuu fi golli dhiphachuu ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Barcumnii fi minjaalli mijaahaa ta'uu dhabuu ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Hanqina barsiisotaa fi barsiisaan digrii qabu tokkollee dhabamuu ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Hanqina bajata ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Pilaazmaan yeroo hojii garee fudhachuu ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Gumiin barnoota afaanii jiraatus hojiirra ooluu dhabuu ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Hanqinni meeshaalee barnootaa jiraachuu ( $D_2$ ).

3.11 Yaada furmaataa :

- Mootummaan mana barnootaa kana uummata qofaatti gatuu mannaa utuu gadi bu'ee uummata kana gargaaree ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Barcumaa fi minjaala sadarkaasaa eege mootummaan utuu guutee ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Barsiisota Afaan Oromoo barsiisaniif, akkuma barnoota Afaan Ingilizii leenjiin dandeettii cimsu yeroo gabaabaaf utuu kennamee ( $D_1$ ),
- Qaamni olaanu barumsi Afaan Oromoo haala cimee itti fufu mijeessuuf hordoffii walirraa hin cinne utuu taasisee ( $D_2$ ),
- Barsiisotaaf onnachiiftuun utuu kennamee ( $D_1$  fi  $D_2$ ),
- Bajatni gahaan utuu ramadamee ( $D_1$  fi  $D_2$ ),

79  
- 35  
44  
24  
28

**Yuuniivarsiitii Addis Ababaa**  
**Qu'annoolee Digrii Lammaffaa**  
**Koollejjii Barnootaa**

**Muummee Barnoota Afaaniifi Barruu Oromoo**

**Sakattaa Rakkoolee Raawwii**  
**Hojii Garee Mana Barumsaa Amurruu Sadarkaa**  
**Lammaffaa Gola Barnoota Afaan Oromoo Irratti**  
**Gufuu Ta'an**

**Margaa Dabaloo**

**Boordii Qortootaatiin Kan Mirkanaa'e**

\_\_\_\_\_

Dura Taa'aa Koree Eebbaa

\_\_\_\_\_

Mallattoo

*Mendiida Barkasa (Dr.)*

Gorsaa

*Getaachew Adugna*

Qoraa Keessaa

*[Signature]*

\_\_\_\_\_

Mallattoo

*[Signature]*

\_\_\_\_\_

Mallattoo

*Tamene Kiteles*

Qoraa Alaa

*Tamene*

\_\_\_\_\_

Mallattoo


## Ibsa

Waraqaan kun hojii haaraa kan koo fi yuuniivarsiitii biraatti digriidhaaf kan hin dhiyaanne ta'usaa hubachiisaa, maddoota ragaalee itti fayadame hunda wabeeffachuu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa            Margaa Dabaloo

Mallattoo

Guyyaa

  
16 - 07 - 07

## Mirkana (Approval)

Akka gorsaa yuuniivarsiitiitti, waraqaan qu'annoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo beeksisa.

Maqaa            Mandiidaa Barkeessaa (Ph. D)

Mallattoo

Guyyaa

  
16 - 08 - 07